# Baroota Waldaa Torbanii

## Boqonnaa Saddeet

## Bara Waldaa Filaadelfiyaa

Mul'ata 3:7-13

*"Gara ergamaa waldaa Filaadelfiyaatti, 'Egaan kun isa qulqulluu, isa dhugaa, isa banaa Daawit of harkaa qabu, isa wanta inni banu namni tokko illee cufuu hin dandeenye, wanta inni cufus; namni tokko illee banuu hin dandeenye sana biraa dhufe' jedhii caafi!"*

*Egichi, 'Ani hojii kee beeka; ati humna xinnoo qabda, garuu dubbii koo eegdeetta, maqaa koos hin ganne. Kunoo, ani balbala banamaa fuula kee dura jiru, isa namni tokko illee cufuu hin dandeenye siif kenneera.*

*Kunoo, warra walga'ii Seexanaa keessaa Yihudoota utuu hin ta'in sobanii Yihudoota ofiin jedhan sitti nan kenna. Kunoo, isaan kun dhufanii miilla keetti akka kufan, si jaallachuu koos akka beekan nan godha.*

*Ati dubbii koo isa obsaan danda'uu si irraa barbaadu waan eegdeef, anis immoo yeroo qoramsi guutummaa biyya lafaa irratti namoota lafa irra jiraatan hundumaa qoruudhaaf dhufutti isa jalaa akka baatuuf sin eega.*

*Ani dafee nan dhufa; namni tokko illee gonfoo mo'ichaa isa kan keetii si duraa akka hin fudhannetti, isa qabdu jabeessii eeggadhu!*

*Isa mo'u sana mana qulqullummaa Waaqayyo koo keessatti utubaa nan godha; isa keessaas matumaa hin baafamu. Maqaa Waaqayyo kootii, maqaa mandara Waaqayyo kootii, Yerusaalem ishee haaraa ishee Waaqayyo koo biraa waaqa keessaa gadi buutu, maqaa koo isa haaraas utubaa kana irratti nan caafa.'*

*'Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldootakristaanaatiin jedhu haa dhaga'u!' kan jedhuu dha."*

**Filaadelfiyaa**

Filaadelfiyaan Saares irraa gara kibba bahaatti maayilii torbaatamii shan fagaattee argamti. Isheen Liidiyaa keessatti magaalaaguddittii lammaffaa turte. Isheen godina wayinii misoomsuun beekamtu kan tulloota hedduu qabdu irratti ijaaramte. Saantimni ishee fuula mataa Baakusii fi Baakaantee (luba dubartii Baakuus) irraa bocame qabdi turte. Uummanni magaalattii Yihudoota, Yihudoota kiristaanummaa fudhatanii fi warra amantii ormaa irraa gara kirstaanummaatti jijjiirratan of keessaa qabdi turte. Kirkirri lafaa kan itti hammaatu yoo ta'u, magaalota torban Mul'ata keessatti eeraman keessaa hundarra umuruu dheeraa kan jiraatte turte. Dhugaa dubbachuuf magaalattiin amma illee biyya Turkiitti maqaa Alasehir ykn Magaalaa Waaqayyoo jedhamuudhaan waamamti.

Bocni saantimichaa waaqni magaalattii Baakkuus akka ta'e agarsiisa. Amma Baakkus Niinus ykn Nuumrod wajjin tokkuma. Inni, "nama gaddu" dha, baay'een keenya garuu nama gammadaa fi machaa'aa isa seena.

Kun ifa attamii keessa keenyatti fida. Kunoo saantima tokko kan fuulli isaa gar tokko waaqa, fuula kaaniin immii luba dubartii ykn raajii dubartii qabu argina. Mee saantima ol darbadhaa. Fuulli inni ittiin lafa bu'u garaagarummaa uumu qabaa? Lakki obboo,inni amma illee saantimuma. Innis amantii warra Roomaa isa kan Yesuusi fi Maayiraam ti.

Garuu waa'ee Roomaa qofa hin yaadaa hin jirru. Lakki, ejjituu guddittiin qofaa ishee miti. Akkas akka hin taane beekamaadha; sababiin isaas, ejja isheetiin intaloota godhattee haadha taate. Intaloonni ishee fi isheen saantima tokko kan fuula garaa garaa ti. Fuula saantimaa gama tokkoon suuraa Yesuus kaasanii waaqessu gama biraatiin immoo luba dubartii ykn raajii dubartii qabu akkasumas isheen qanoonaa, dogimaa fi seera ishee barreessitee fayyinaaf namootatti gurgurudhaan ishee qofti akka waan ifa dhugaa qabduutti cimsitee kakatti.

Barri kun amala saantimaa qabaachuun isaa attam nama dinqisiisa. Sababiin isaa haatii fi intalli hundinuu karaa gara waaqaatti geessu bitachaa jiru waan ta'eef. Isaaniif gatiin lubbuu horii dha malee dhiiga miti. Gara fuulduraatti kan isaan tarkaanfachiisu horii dha, malee Hafuura Qulqulluu miti. Waaqayyichi biyya lafaa kanaa (horiin) ija isaanii jaamseera.

Barri Hafuurichi, "Kunoo ani dafee nan dhufa" jedhee iyyu bara kana waan ta'eef, hojiin isaanii

dhi'ootti du'aan ni goolabama. Eeyyee, dafii kottu Gooftaa Yesuus!

**Baricha**

Barri waldaa Filaadelfiyaa bara 1750 hanga naannoo bara 1906tti ture. Barri kun, hiika maqaa magaalattii irraa kan ka'e, Bara Jaalala Obbolummaa jedhamee waamama, Filaadelfiyaa jechuun, “Jaalala obbolootaa” jechuu dha.

**Ergamaa Barichaa**

Ergamaan bara kanaa mamii tokko malee Joon Wesilii ture. Joon Wesilii Waxabajjii 17 bara 1703tti Epiworzitti kan dhalate yoo ta'u, ijoollee kudha sagalan Saamu'elii fi Suusinnaan godhatan keessaa tokko ture. Abbaan isaa waldaa Ingilaandiitti luba ture; garuu Joon amantii jijjiirrachuuf sababa kan ta'e tiyooloojii abbaa isaa irra caalaa, fakkeenyi jireenya haati isaa jiraattuu irratti kan bu'uureffame ta'uu hin oolle. Joon hayyuu qaroo ture. Innii fi Chaarles yummuuu Oxifoord jiranitti garee doktiriinii ulaagaa gochuu mannaa shaakala waaqeffannaa dhugaa qabaachuu wayya jedhanii, jireenya hafuuraa shaakalan tokkotti makaman. Qajeelfama hojiwwan hafuurawaa kanneen akka hiyyeessota gargaaruu, dhukkubsattootaa fi warra hidhaman gaafachuu bocanii turan. Kanaafi egaa maqaan Meetodistoota jedhuu fi maqaaleen qoosaa biroonis kan isaanitti miggaafameef. Amma Joon mul'ata amantii barbaachisaa saba biyya lafaatiif qabuun ga'aa ta'ee waan argameef warra Hindiif ergamaa ta'ee gara Amerikaa (Joorjiyaa) dhaqe. Yeroo garas deemaa jirutti imaltoonni doonii sana keessa turan hedduun lammiilee Moraaviyaa akka ta'an in hubate. Gaarummaa, nagaa fi jajjabina isaan haala hundumaa keessatti qabanis baay'ee dinqisiifate. Joorjiyaatti of kennee fi ciminaan haa hojjetu iyyuu malee dadhabbii hijii isaa ija hin godhatin hafe. Innis, “Ani amantii warra Hindii jijjiiruufan Amerikaa dhaqe garuu wayyoo! Eenyutu amantii koo naaf jijjiira?” jedhee boo'aa gara Ingiliziitti deebi'e.

Landanitti deebi'ee ammas warra Moraaviyaa wajjin wal arge. Karaa fayyinaa kan isatti agarsiise Peter Boehler ture. Inni dhugumatti lammata dhalachuu irraan kan ka'e obboleessi isaa Chaarles jalqabuma Waaqayyoo wajjin sirrii akka hin taane waan itti himef, waan Joon namni hafuuraa ittiin jedhe hubachuu waan dadhabeef baay'ee itti gaddee, wal mufiin ifa ta'e isaan lamaan gidduutti uuumee ture. Haa ta'u malee Chaarles iyyuu yeroo dheeraa utuu hin turin ayyaanaan fayye.

Weesliin waltajjii Londonitti durumaan qabuttu dhimma ba'ee wangeela lallabuu jalqabe; garuu utuu hin turin achi keessaa isa baasan. Yeroo kanatti ture hiriyaan isaa durii Joorji Waayitfiild, Joon dhaqee dirree namoonni kumaatamaan lakkaa'aman Sagalee Waaqayyoo dhaggaeeffachaa jiranittu lallabaan akka isa gargaaruuf kan isa afeere, sunus iddoo gaarii isa dhaabe. Joon jalqatti gamoo keessatti malee bakkeetti lallabuu akka danda'u hin amanne ture, garuu yummuu tuuta namootaa, hojii Wangeelaa humna hafuuraatiin hojjetus argetti garaa guutuudhaan gara lallaba akkasiitti yaada naanneefate.

Hojiin sun yeroo muraasa booda akka malee waan babal'ateef, Sagalee Waaqayyoo akka lallabaniif amantoota hedduu erguu jalqabe. Kun guyyaa Pheenxeqoosxee yeroo Hafuurri Ququlluu namoota humnaan kaasee hamma halkan guutuutti Sagalicha akka barsiisan godhee wajjin wal fakkaata ture.

Hojii isaa keessatti mormii cimaatu isa mudata ture, Waaqayyo garuu isaa wajjin ture. Hojiin hafuuraa humnaan kan mul'ate yoo ta'u, yeroo baay'ee hafuurri amantii isaan mo'ee cubbuu isaaniitiif dhiphina guddaadhaan boo'anii, humna dhabudhaan lafatti kukkufaa turan.

Weesliin nama cimaa ajaa'ibaa ture. Erga dhalatee dadhabbbiin hafuuraa daqiiqaa kudha shaniif illee itti dhaga'amee akka hin beekne seenaa ofii isaa keessatti dubbateera. Guyyaa tokko keessatti sa'aatii ja'a qofaaf rafa ture; tajaajila isaa keessatti yeroo hundumaa sa'aatii kudha tokkotti ka'ee tajaajila jalqaba ture; waggaa tokko keessatti giddu galeessaan lallaboota 800 ol lallabuuf murteessee guyyaatti hanga si'a afurii lallabaa ture.

Akkuma abbootii fardaa naannoo isaa warra Wangeela dhi'oo fi fagoodhaan ga'anii, innis kiilomeetira kumaatamaan lakkaa'aman adeemeera. Dhugaa dubbachuuf Weesliin waggaatti maayilii 4500 faradaan imalaa ture.

Inni humna Waaqayyootti nama amanu waan ta'eef amantii guddaa fi ajaa'ibsiisaadhaan dhukkubsattootaaf kadhachaa ture.

Walga'ii isaa baay'ee keessatti mul'achuun kennawwan hafuuraa ni argama ture.

Weesliin jaarmiyaa amantii nama deeggaru hin turre. Warri isaa wajjin hojjetan dhuguma “Hawaasa tokkummaa” qaban turan, isaan, “Warra yaada tokkoo, namoota bifaa fi humna waaqayyummaa barbaadan, waliin kadhachuuf, dubbii gorsaa fudhachuuf,jaalalaan wal eeguuf warra tokko ta'anii socho'an turan, kunis hojii fayyinaa hojjechuuf isaan gargaaraareera.” Isaanitti makamuuf haal dureen, “Warra dheekkamsa dhufu jalaa baqachuu fi cubbuu isaanii irraa fayyuuf fedha qaban” kan jedhu qofa ture.Yeroon akkuma darbaa deemeen seera cimaa gaarummaa lubbuu isaaniif ittiin of adaban baasan. Weesliin erga du'ee booda sochiin sun gurmaa'uu akka danda'uu fi Hafuuurri Waaqayyoo akka du'aatti

akka isaan dhiisuuf jiru hubate. Yeroo tokko akka jedhetti, maqaa Meetodistiitu lafa irraa badaa osoo hin taane Hafuurichi dhiisee deemuu akka hin oolle sodaa akka qabu yaada kenneera.

Yeroo jireenya isaa keessatti qabeenya guddaa argachuu danda'a ture; garuu kana hin goone. Dhimma horii ilaalachisee dubbiin inni baay'ee jaallatu, “Wanta dandeessu hunda argadhu, waan dandeessu hunda qusadhu, waan dandeessu hundumaas kenni” kan jedhu ture. Weesliin deebi'ee dhufee waldaa Meetodistii jedhamu utuu argee akkam ajaa'ibsiifata laata. Isaan sooreyyiidha—baay'ee sooreyyii dha. Garuu jireenyii fi humni Joon Wesilii isaan keessaa badeera.

Akkasumas Wesiliin hojii tokko bu'uura gurmaa'ina amantii (denominational) ykn kutaa amantii irratti ijaaruuf fedhii akka hin qabne ibsameera. Amantii isaatiin Arminiyaanii ta'us, sababa barsiisaatiin obboloota irraa adda of baasuu hin barbaanne. Inni kaadhimamaa Yaaqoobii isa gaarii ture: dubbii doktiriinii tokkoo ykn qanoonaa tokkoo akkasumaan fudhachuu irra, jireenya bara baraa isaa amantii fi amantii hojiitti hiikuu irratti, ykn jireenyicha jiraachuu irratti kan bu'uuresse ture.

Joon Wesiliin akkuma namootni muraasni tajaajilleerra jedhanii ija jabinaan dubbataniitti, Waaqayyoon tajaajilee umurii waggaa 88tti du'aan boqote.

**Nagaa Gaafachuu Isaa**

Mul'ata 3:7,

> *“Gara ergamaa waldaa Filaadelfiyaatti, 'Egaan kun isa qulqulluu, isa dhugaa, isa banaa Daawit of harkaa qabu, isa wanta inni banu namni tokko illee cufuu hin dandeenye, wanta inni cufus; namni tokko illee banuu hin dandeenye sana biraa dhufe' jedhii caafi!”*

Oo, jechoonni dubbii sanaa attam miidhagu. Sagaleen isaaniis attam ulfina qabeessa. Amaloonni sun hundi nama tokko ibsuun attam nama gammachiisa. Yesuus Kristos Gooftaa Ulfinaa malee eenyutu waa'ee ofii isaa akkasitti ibsuuf ija jabaata? Tokkoon tokkoon hiika gaalewwan dinqisisoo kanaaf furtuun lakkoofsa 9 irratti argama jedheen amana.

> *“Kunoo, warra walga'ii Seexanaa keessaa Yihudoota utuu hin ta'in sobanii Yihudoota ofiin jedhan sitti nan kenna. Kunoo, isaan kun dhufanii miilla keetti akka kufan, si jaallachuu koos akka beekan nan godha.”*

Lakkoofsi kun furtuudha kanan jedhuuf, Yihudoota warra yeroo hundumaa nu duwwaatu ijoollee Waaqayyooti ofiin jedhanii wajjin waan wal qabatuufidha. Isaan Gooftaa Yesuus Kristos fannisanii ajjeesan. Hojiin isaanii kuis jaarraa hedduudhaaf dhiigni isaanii mataa isaanii irraa akka barbaadamu isaanitti fide. Hundi isaanii Yesuus akka Masiihii isaaniitti simachuu didan, Inni garuu dhugumatti Masiihii ture. Inni isaaniif Isa Dhufuuf jiru, ykn Ilma Daawit hin turre; Inni isaaniif Beelzebul ykn nama qajeelaa hin taane, nama badiisaa ture. Garuu akkas miti. Inni dhuguma Amaanu'eel ture, Inni Waaqayyo fooniin mul'ate dha. Inni dhuguma, Masiihii dha. Dhugaa dha, Inni akkuma ammaa kanatti ture. Inni akkasi, YESUUS ISUMA TOKKICHA—Yesuus Kiristos kaleessas, har'as bara baraanis isuma sana. Inni Qulqulluun iddoo baattuu ibsaa gidduu jiru sun Yesuus Isuma qarqara galaana Galiilaa deddeebi'aa ture, Isuma dhukkubsattota fayyise, Isuma warra du'an kaase, Isuma ragaa hin haalamne duratti fannifamee ajjeefame sanadha. Inni garuu deebi'ee ka'eera, ol gubbaa mirga teessoo Ulfinaa irras taa'eera.

Yihudoonni yeroo sanatti Isaan qulqulluudha hin jenne. Isaan ammaas Inni qulqulluudha hin jedhan. Inni garuu NAMA QULQULLUU DHA.

Faarfannaa 16:10,

> *“Ati iddoo lafa jalaatti ana hin laattu, nama qulqulluu kee [KJV] ijaan iyyuu qilee akka argu hin gootu.”*

Seera eeguudhaan qajeelota taana jedhanii utuu isa keessa barbaadanii, kufaatii hamaa kufan; namni foonii seera eeguudhaan qajeelaa hin ta'u waan ta'eef. Homtinuu seera eeguudhaan qulqulluu ta'uu hindanda'u. Qulqullummaan kan Gooftaa ti.

1Qorntos 1:30,

> *“Kristos Yesusitti jiraachuun keessan Waaqayyo biraa ta'e; Waaqayyo Kristosin ogummaa keenya nuuf godhe. Isumaan qajeelota taanee, Waaqayyoof qulqulloofnee in furamna.”*

2Qorontos 5:21,

> *“…Nuyi karaa isaa qajeelina akka argannutti,…”*

Filannoo lama qofatu ture: Kristositti amanuu ykn baduu; isaan waan Isa simachuu didaniifis ni badan.

Namoonni bara sanaas akkuma warra bara kanaatti dogoggora wal fakkaataa hojjechaa turan. Akkuma Yihudoonni sirna waaqeffannaa mana sagadaatti kooluu galan, bara Filaadelfiyaattis waldaa keessatti kooluu galaa turan. Miseensa waldaa tokkoo ta'uu miti kan namaaf lakkaa'amu. Jireenyi waldaa keessa hin jiru. Jireenyi Kristos keessa jira. "Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jireenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama. Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu." Namni Hafuura Qulqulluudhaan qulqulluu ta'a. Hafuura Qulqullummaa isa Yesuusiin du'aa kaasetu nu keessa buufatee qulqullummaa Isaatiinis nu qulqulleessa.

Kunoo, INNI QULQULLUUN achi dhaabatee jira. Nuyis qajeelummaa Isaa uffannee, qulqullummaa isaatiin qulqulluu taanee Isaa wajjin dhaabachuuf jirra.

Amma barri kun bara ja'affaa dha. Akka ilaalcha ija Waaqayyootti yeroon cufamuuf dhi'aachaa jira. Inni dhi'ootti deebi'ee in dhufa. Yeroo dhi'ootti iyyi sagalee ni ba'a,

> *"Inni waan xuraa'aan, ittumaa of haa xureessu; inni waan qajeelaa hojjetu, qajeelaadhuma isaa haa hojjetu; inni Waaqayyoof qulqullaa'e, isumaaf haa qulqullaa'u!"*

Mul'ata 22:11.

Oo, qulqullummaan koo ofii kootiif waan hin taaneef baay'een gammada. Ani Kristos keessa jiraachuu kootti nan gammada, amalootni qajeelummaa Isaa warri dinqisiisoon hunduu anaaf kennameera, eeyyee isaan hundinuu anaaf kennamaniiru. Waaqayyo bara baraan haa eebbifamu!

"*Kun isa dhugaa sana biraa dhufe*." Amma jechi "dhugaa" jedhu kun jecha baay'ee ajaa'ibsiisaa dha. Dhugaa isa faallaa sobaa jechuu miti. Innis yaada Dhugooma Guutuu (Perfect Realization) isa faallaa Dhugooma Gar tokkee (Partial Realization) ta'ee ibsa. Fakkeenyaaf Yohaannis 6:32 irratti waan Yesuus dubbate haa yaadannu.

> *"Dhuguma dhuguman isiniin jedha, Museen buddeena waaqa irraa isiniif hin kennine; abbaan koo buddeena isa dhugaa waaqa irraa isiniif in kenna."*

Yohannis 15:1,

> *"Yesus, 'Mukichi wayinii inni dhugaan ana' jedhe."*

Ibroota 9:24,

> *"Kristos iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluu, harkaan ijaarame fakkaattii isa dhugaa sanatti gale miti inni bantii waaqaatti iddoo itti amma Waaqayyo duratti nuuf mul'atetti gale."*

1Yohannis 2:8,

> *"Karaa tokko immoo abboommii haaraa isiniif nan caafa, kunis isa biratti isin birattis dhugaa dha; ifni dhugaa ammumaa waan ibsuuf, dukkanni darbuutti jira."*

Jechi kun, dhugumatti, akkuma lakkoofsota kana keessatti agarsiifametti faallaa Dhugooma Gartokkee isa ta'e Dhugooma Guutuu kan ibsu dha, amma akkaataa kanaan dura fakkeenyaa fi wanta itti fakkeeffame, ykn wanta qabatamaa fi gaadidduu isaa wal bira qabnee ilaallaa turre irraa karaa adda ta'een ilaalla. Mee fakkeenya Maannaa waaqarraa bu'ee fudhadhaa. Waaqayyo Israa'eliif nyaata ergamootaa waaqa irraa buuseef. Buddeenni sun garuu isaan hin quubsine. Inni guyyaa tokko qofaaf kan gargaaru ture. Warri isa nyaatan guyyaa itti aanutti deebi'anii beela'u turan. Yoo irraa hafe ni faalama ture. Yesus garuu buddeena isa DHUGAA waaqa irraa bu'e dha, maannaan fakkeenya isa dhugaa kanaa ture. Namni kamiyyuu BUDDEENA waaqarraa dhufe sana yoo nyaate hin beela'u. Deebi'ee nyaachuun isa hin barbaachisu. Inni battaluma Isa irraa nyaatetti jireenya barabaraa argata. DHUGAAN isa Kana ture. Kana booda gaaddidduun hin barbaachisu. Fayyinni gar tokkee hin barbaachisu. Inni GUUTUMMAA isaa ta'e kunoo ti. Akkuma isa Yesuus gartokkee Waaqayyoo hin taanee ti; Yesuus guutummaatti Waaqayyo dha.

Israa'el ifa qabaachaa akka turan namni haalu hin jiru. Uummanni akka sabaatti ifa qaban isaan qofa ture. Akkuma isa yeroo warra Gibxiitti dukkanaa'ee namni arguu dadhabee ti. Mana Israa'elotaa keessa garuu ifatu ture. Amma garuu ifni dhugaa in dhufa. Ifni biyya lafaa Yesuusi dha. Musee fi raajonni ifa waa'ee Masihiichaa karaa Caaffata Qulqullaa'oo gara sabaatti fidan. Kanaafis Israa'el ifa qabdi turte. Amma garuu ifni Guutuun dhufeera, innis wanta biraa miti wanta ifa Dubbicha ibsudha malee, amma Ifni Waaqayyoo saba Isaa gidduutti bakkeetti ba'ee mul'ataa jira. Akkuma utubaa ibiddaa halkan halkan ifa kennaa turee ti, inni ajaa'iba ture, amma ifnii fi jireenyi guutummaa Waaqummaa qaamaan mul'ateera.

Israa'el goromsa diimtuu fuudhanii dhiifamuu cubbuutiif iddoo aarsaatti aarsaa dhi'eessu turan. Waggaa tokkoof cubbuun nama balleessaa qabuu ni haguugama ture. Garuu haguuggiin sun hawwa

cubbuu isaan irraa hambisuu hin dandeenye. Aarsichi aarsaa mudaa hin qabne miti ture. Inni amma Inni dhugaan dhufutti gaaddidduu ture. Kanaafis aarsicha waggaa waaggaadhaan deebi'anii dhi'eessu turan, sababiin isaas amma iyyuu fedhii cubbuu hojjechuu qabu waan ta'aniif. Lubbuun horii sanaa cubbuu isaaf araara godhe, garuu dhiigni horii dhangala'ee fi jireenyi horii aarsaaf kennamee sun cubbamaa sana haguuguu hin dandeenye. Utuu deebi'ee dhufees faayidaa hin qabu ture. Garuu yeroo Kiristoos gatiin cubbuu inni dhugaan aarsaa ta'etti, dhiigni Isaas dhangala'etti, yeroo sanatti jireenyi Kiristoos keessa ture cubbamaa yaada garaa geeddarate irra bu'ee haaguge, jireeneyi sun jireenya Kiristoos isa mudaa hin qabne, cubbuu kan hin qabnee fi qajeelaa waan ta'eef, namni cubbamaan lammata hawwii cubbuu hojjechuu akka hin qabaannetti birmaduu ba'e. Jireenyi (lubbuun) Yesuus isa haguuge. Roomaa 8:2 irratti kan ibsame kanuma ture.

Roomaa 8:2,

> *"Seerri hafuuraa inni karaa Kristos Yesus nama jiraachisu, seera cubbuu isa du'atti nama geessu jalaa si baaseera."*

Yihudoonni bara Yesuus keessa turan garuu aarsicha fudhachuu hin barbaanne. Dhiigni re'ootaa fi tuntunowwanii eenyu iyyuu birmaduu hin baafne. Sun seera Waaqayyo yeroo ta'e tokkoof kaa'e ture. Amma garuu Kiristoos fooniin mul'atee, dhiiga Isaatiin cubbuu nurraa dhiqee, aarsaa nuuf ta'ee warra mudaa hin qabne nu godhe. Yihudoonni sana hin hin fudhanne. Garuu warri bara Filaadelfiyaa hoo, warri baroota kaanis hoo? Dhugummaa Kiristoos kana dhugaa godhanii fudhataniiruu? Lakki obboo, Luuter dhugummaa qajeelummaa yoo fide illee, Waldaan Roomaa fi gitni ishee gara bahaa, Waldaan Ortodoksii, amma iyyuu seera eeguutti cichan.

Amma hojii seeraa gaarii dha, garuu nama hin oolchu. Hojiin seeraa guutuu isin hin godhu. Kiristoostu guutuu nama godha, kanaa achii badiisa. Akkasumas Kiristoosii FI hojii illee miti. Kiristoos duwwaa dha. Barri kun bara Arminiyaaniiziimii isa Kiristos DHUGAA miti jedhanii amanuun itti jalqabee ture. Bara "Dhiigicha malee kan biraa hin jiru" jedhu faarfachuu dhiisanii,"Dhiigaa FI amala koo" jechuu jalqaban. An amala gaariitti qabaachuutti nan amana. Yoo fayyitan waan qajeelaa ni hojjettu. Sana duraanuu ilaallee darbineerra. Garuu ammas isinittan hima, fayyinni Yesuus irratti waan biraa IDA'UUUDHAAN MITI. Yesuus DUWWAADHA. FAYYINNI KAN GOOFTAA TI. Jalqabnis dhumnis hunduu WAAQAYYO DHA. Jireenyi Isaa ana keessa haa ta'u. Kan na qulqulleessu dhiiga isaa haa ta'u. Kan na guutu Hafuura Isaa haa ta'u. Garaa fi afaan koo keessa Sagaleen Isaa haa guutu. Kan na fayyisu dirmammuu Isaa haa ta'u. Yesuus haa ta'u, Yesuus qofa haa ta'u. Hojii qajeelummaa ani hojjedheen miti. Lakki obboo. Kiristoos jireenya koo ti. Ameen.

Waa'ee dhugaawwan kanaa keessi koo itti fufi, itti fufi naan jedha, garuu yaada tokkon itti isiniif dabala. Innis faarfannaa ajaa'ibaa isa A.B Simpson barreesse dha.

"Yeroo tokko eebba ture,

Amma immoo Gooftaa dha.

Yeroo tokko miira ture,

Amma Sagalee Isaa ti.

Yeroo tokko Kennaa Isaan dharra'e,

Amma Abbbaa Kennichaan qaba.

Yeroo tokko fayyinan barbaade,

Amma Isa Duwwaan barbaada dha.

Guutummaa bara baraatti,

Yesuus nan faarsa.

Wanti hunduu Yesuus keessa,

Yesuusis waan hundumaa dha."

Jireenya kana keessatti wanti tokko hammam gaarii fi baa'eessa ta'us, wanti nama quubsu hin jiru. Garuu waan hundumaa bakka tokkotti Kiristoos keessatti ni argattu. Isa cinatti wanti abdannu hundinuu gadi dhumaa deema, ni badas.

"*Isa banaa Daawit of harkaa qabu*." Gaalee bareedaan kun gaalee duraa isa, "Isa dhugaa sana"— Kiristoos, Dhugooma Guutuu isa Dhugooma Gartokkee wajjin wal bira qabamee ilaalle hordofee dhufa. Innis kunoo ti. Museen raajii Waaqayyoo ture, Yesuus garuu (akkuma Musee) Raajii Waaqayyoo isa hundumaa olii ture. Daawit (namni akka garaa Waaqayyoo) mootii Israa'el ture, garuu Yesuus Daawit isa

guddaa, Mootii Moototaa, Gooftaa Gooftotaa, Waaqayyo Mataa Isaa ti. Daawit gosa Yihudaa isa lubni tokko illee keessaa irraa hin argamne irraa dhalate; inni loltuu guddaa diina mo'atee saba gadi dhaabe ture; akka mootiittis teessoo irra taa'e. Inni raajii ture. Inni fakkeenya Kiristoos isa dinqisiisaa ture.

Amma Isaayaas 22:22 keessatti akkas jedha,

> *"Gooftummaa inni ittiin mana Daawit banu ani gatiittii isaa irra nan kaa'a; kan inni banu namni tokko illee hin cufu; kan inni cufus namni tokko illee hin banu."*

Gooftaa Yesuus Kiristoosii fi tajaajila Inni waldaa keessatti qabu ilaalchisee, Hafuurichi akka wabiitti kan fayyadame kutaa Kakuu Moofaa kana dha. wanti bantuun Daawit yeroo sanatti agarsiisu gaaddidduu dha, innis wanta amma Yesuus baattuu ibsaa gudduu dhaabachaa jiraachuudhaan fiixa ba'ee ti. Kunis erga Gooftaan keenya du'aa ka'ee BOODA malee, yeroo Inni biyya lafaa irra deddeebi'aa tureen kan wal qabatu miti. Bantuun kun garuu maal argisiisa? Deebiin isaa IDDOO bantuun sun jiru irratti hundaa'a. Furtuun kun harka Isaa keessa jira MITI. Morma Isaatti fannifamee jiras miti. Harka namoota biroo keessas hin kaa'amne, silaa lakkoofsa sana keessatti ISA QOFAATU BANTUU SANATTI FAYYADAMA hin jedhu ture—ISA QOFAATU BANUUS CUFUUS DANDA'A WAAN TA'EEF, Yesuus malee NAMNI TOKKO ILLEE mirga itti fayyadamuu hin qabu. Sirrii mitii? Furtuun sun garuu eessa jira? GATIITTII ISAA IRRA JIRA. Gatiittiin hoo, maaliif isaa wajjin wal qabata? Isaayaas 9:6 dubbisaa.

> *"Humni mootummaa isaa gatiittii isaa irra jira."*

Kun garuu maal jechuudha? Deebiin isaas kunoo ti. Gaaleen, "mootummaa gatiittii isaa irraa" jedhu sirna aadaa cidhaa warra Baha biiftuu irraa dhufe. Misirroon dhirsa misirroof yummuu kennamtu haguugggii irraa fuutee gatiittii dhirsa ishee irra keessi, kunis aboo isaa jala galuu ishee qofa osoo hin taane—mirga ishee dabaristee isaaf akka laatte—mataan ishee isa akka ta'e—kana malees dirqama ishee kunuunsuu kan qabu ISAA FI ISA QOFA akka ta'e—NAMNI BIRAA TOKKO ILLEE—DHIIRRI BIRAA TOKKO ILLEE—HUMNI BIRAA TOKKO ILLEE—MIRGAS DIRQAMAS AKKA HIN QABNE kan agarsiisu dha. Isheen jaallatamtuun sunis, BANTUU Daawitii ti. Waaqayyo birmaduu waan ta'eef, eenyu misirroo Isaa keessaa tokko akka ta'uuf jiru, beeksisa Hoodaatiin duraan dursee beeka ture. Isatu ishee fo'ate. Isheen Isa hin fo'anne. Isatu ishee waame. Isheen ofiin hin dhaqne. Inni isheef jedhee du'e. Inni dhiiga Isaa keessatti ishee dhiqe. Innis gatii isheerra jiru isheef kaffale. Isheen kan Isaa fi kan Isaa qofa. Isheen guutummaatti Isaaf of kennitee waan jirtuuf itti gaafatamummaa fudhata. Kiristoos mataa waldaa waan ta'eef, Inni mataa ishee ti. Akkuma Saaraan Abrahaamiin gooftaa koo jettee waamte, akkasuma Gooftaa ishee ta'uu Isaatti misirrottiin in gammaddi. Inni ni dubbata, sun gammachuu ishee waan ta'eef, isheenis ni abboomamtiif.

Namoonni garuu dhugaa kanaaf gurra kennaniiruu? Namummaa Isaa isa waldaa Isaa irratti aboo birmaduu guutuu qabu duwwaadhaaf ulfina kennaniiruu? Ani, "LAKKI"n jedha. Sababiin isaas, bara hundumaatti waldaan sirna haayiraarkiitiin (hierarchy)—sirna lubummaatiin—sirna 'Apostolic succession' tiin bulaa turte waan ta'eef—balbala araaraa fi ayyaanaa warra maluufitti cuftee, jaalalaa fi itti gaafatamummaa waldaa ba'achuu mannaa, kajeellaa warra miindeeffamanii warra humna hin qabne galaafatanii qabaachuutu ishee balleesse. Abbootiin amantii qananii keessa jiraatu, waldaan hiyyeeyyiin garuu habaqii waa'ee hin baafne sooratu. Barri waan adda ta'e hojjetes hin turre. Hunduu jaarmiyaatti of hidhanii mootummaa namootatti fe'an, waldaas dabarsanii harka mootummaa jala galchan. Namni sana mormes gara jibinaan ukkaamfama ykn ni ari'atama ture. Dameen amantii hundi hafuura tokko qaba. Dameen amantii hundi bantuu mootummaa waldaa kiristaanaa anatu qaba jedhee kakata. Dameen amantii hunduu balbalicha anatu bana ofiin jedha. Garuu sun dhugaa miti. Kan balbalicha banu Yesuusii fi Yesuus qofa. Inni miseensota Dhagnattii keessa in kaa'a. Tajaajilas isheedhaaf ni kenna. Kennawwanis harka ishee keessa in kaa'aaf. Inni isheedhaaf in dhimma, in qajeelchas. Isheen qabeenya tokkittii Inni qabu waan taateef, ishee malee nama kan biraa hin qabu.

Barri waldaa nuyi keessa jiraannu kun dhugaa irraa attam fagoodha! Dhi'oottis gaaf tokko, ammuma iyyuu namoonni waldaadhaaf dubbachuuf yaadan kun sochii Ikumeenikaaliitiin ka'anii mormituu Kiristoos isa ijaan mul'atu mataa jaarmiyaa isaanii godhanii teessootti ol baasuuf jiru, innis iddoo Gooftaa fudhachuuf jira, nyuis utuu Inni (Kiristoos) waldaa ala dhaabatee,

> *"Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin in nyaata" jedhuu arguuf jirra.*

Mul'ata 3:20.

Garuu immoo kana nan jedha. Gooftaan keenya hin mo'amu. Namoonni balbala gara Waaqayyotti geessu nutu bana nutu cufas jedhu, isaan garuu sobdoota. Namni Abbaan Isaaf kennu hunduu gara Isaa ni dhufa, Inni immoo gonkumaa gadi isaan hin dhiisu; Inni isaan keessaa tokko illee hin gatu. Yohaannis 6:37-39. Miseensi dhagna Kiristoositti fo'ame inni dhumaa yummuu ol seenutti, Gooftaan keenya ni dhufa.

Bantuu Daawit. Daawit mootii Israa'el mitii—mootii Israa'el hundumaa mitii? Yesuus immoo Ilma Daawit isa teessoo Daawit irra taa'ee waggaa kumaaf dhaala Isaa irratti mo'uuf jiru mitii? Dhugaa dha. Kanaafuu bantuun daawit Yesuus Isa barkumeetti mo'uuf jiru argisiisa. Inni bantuu balbala du'aa fi si'ool of harkaa qabu bulchiinsa qajeelummaa Isaa lafa irratti akka qooddataniif warra kan Isaa ta'an du'aa in kaasa.

Gooftaan keenya waan hudumaaf deebii waan qabuuf, Inni attam dinqiidha! Dhugumaan abdiin Waaqayyoo hundinuu Isa Keessatti raawwatama. Dhugumaan Isa KEESSA jiraachuu keenyaan waan Inni nuuf bite in dhaalla.

Eeyyee, Inni, Gooftaan Ulfinaa achi dhaabata. Inni yeroo tokko akka Abbaatti ergamootaan, angafa ergamootaatiin, Kiruubeeliin, Suraafelii fi macca waaqarraatiin marfamee utuu jiruu, isaan,"Qulqulluu, Qulqulluu, Qulqulluudha Waaqayyo Gooftaan maccaa" jedhanii ulfina Isaaf kennan. Qulqulluummaan Isaa kan akkasii waan tureef homtinuu Isatti dhi'aachuu hin danda'u ture. Amma garuu waldaa keessatti Isa argina, qulqullummaa Isaa nuuf qoodaa hamma Isa keessatti qaleelota Waaqayyoo taanuttis nuuf qooda. Eeyyee, Inni achi dhaabata, "Yesuus, Isa Waan Hundaanuu Guutuu,"—Arfaasee Dachaa Keessaa, Isa Akka Bakkalcha Barii Ibsu, Michuu Koo Isa Diimaa Bareedaa Namoota Kuma Kudhan Keessatti Iyyuu Mul'atu, Alfaa fi Omegaa, Hiddaa fi Sanyii Daawit, Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu—Hunda Keessaa Hunda.

Isaayaas 9:6,

> *"Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera; humni mootummaa isaa gatiittii isaa irra jira; maqaan isaa, 'Gorsaa, dinqii, Waaqayyo-jabaa, abbaa bara baraa, angafa nagaa' in jedhama."*

Isa keessa fiixaan ba'iinsa guutuutu jira. Yeroo tokko warra iddoo Isaaf hin laanne turre, amma garuu warra gammachuu dhuma hin qabnee fi ulfina guutuudhaan Isa jaallanna. Inni waldaa gidduu dhaabata, nuyis ulfina Isaa in faarfanna, sababiin isaas Mo'aa Jabaan waldaa misirroo Isaa taate irratti mataa waan ta'eef.

Misirrottii gatiidhaan bitate. Inni kan Isaa ishee godhate. Isheen kan Isaa fi kan Isaa qofa waan taateef isheedhaaf in dhimma. Inni Mootii keenya nuyis mootummaa Isaa, qabeenya Isaa kan bara baraa ti.

Jalqabni lakkoofsa 7, lakkoofsa 9 akka hubannuuf nu gargaara isan jedhee ture, amma ni yaaddattu. Waanan jedhe hubattaniittu jedheen abdadha. Yesus Isa qulqulluu, Isa dhugaa (ykn dhugooma tokkicha) Isa banaa Daawit of harkaa qabu qabu, Isa banuu fi Isa cufu jedhee Ofii Isaa ibse. Sunis sirriitti dhugaa dha. Gaaleewwan sun dhugumaan Isa ibsu. Garuu Yihudoonni bara Isaa keessa turen garuu Isa waan Inni ta'e hundumaas fudhachuu didan. Fayyisaa isaaniis waan Inni isaaniif ta'es in ganan. Warri yeroo ammaatti maqaadhumaaf kristaana ofiin jedhanis kanuma godhan. Isaanis waanuma Yihudoonni godhan raawwatan. Yihudoonni Isa fannisanii sana booda amanaa dhugaa fannisuutti as deebi'an. Kiristaanni maqaa (nominal Christian) immoo deebisanii akka haaraatti Isa fannisanii, waldaa dhugaa balleessuuf as deebi'an. Garuu Waaqayyo dhugaa dha, Inni hundumaa gararraa jiru dhi'ootti ni deebi'a, yerosis Hunda danda'aa tokkichi Eenyu akka ta'e argisiisuuf jira. Inni biyya lafaatiif of ni mirkaneessa, gutummaan biyyi lafaas miilla Isaatti kufanii sagaduuf jiru, yeroo sanatti guutummaan biyya lafaa miilla qulqullootaatti kufanii sagaduudhaan, Isaa wajjin dhaabachuun isaanii sirrii akka ture mirkaneessuuf jiru. Waaqayyo bara baraan haa eebbifamu!

**Bara Balbala Banamaa**

Mul'ata 3:8,

> *"Ani hojii kee beeka; ati humna xinnoo qabda, garuu dubbii koo eegdeetta, maqaa koos hin ganne. Kunoo, ani balbala banamaa fuula kee dura jiru, isa namni tokko illee cufuu hin dandeenye siif kenneera."*

Gaaleen gara jalqabaa lakkoofsa kanaa, "Ani hojii kee beeka" jedhu guutummaa lakkoofsichaa keessatti xiinxalameera, kunis hojiin isaanii 'balbala banamaa,' 'humna xinnoo,' 'dubbichaa fi Maqichaa' wajjin waan wal qabatuuf.

Gabbina hiika "Kunoo, ani balabala banamaa fuula kee dura jiru, isa namni tokko illee cufuu hin dandeenye siif kenneera" jedhuu hubachuuf walirra aguugamuu tokkoon tokkoon barootaa, amma yaadachuun dirqama keenya ta'a. Barri tokko dhuma tasaa fi jalqaba ifaa ta'e qaba osoo hin taane bara kaanii wajjin walirra ooluu, walitti baqfamuu ykn gara keessaatti achi seenuu danda'a. Keessattuu barri kun gara bara itti aanuutti yaa'a. Bara kana qofaatu gara bara dhumaatti itti aanuutti dhangala'a osoo hin taane, barri dhumaa karaa baay'eedhaan salphumatti itti fufiinsa bara ja'affaa ta'a. Barri torbaffaa (barri baay'ee gabaabaa) hojii ariifachiisaa tokkoof dafee ariifata, innis bara bara hundumaa irra hamaa, garuu dhugaa pheenxeqoosxee hundumaa of keessaa qabuuf iddoo gadi dhiisuuf ariifata. Battala Barri Filaadelifiyaa xumuruu jala ga'utti, Barri Laa'odiiqeyaa inkirdaadaa fi qamadii sassaabaman qabatee

ariitiidhaan ol seena.

*"Dura inkirdaadicha bubuqqisanii akka gubamuuf bissii bissiitti akka hidhaniif, qamadicha garuu gombisaa kootti akka anaaf sassaabaniif ittan himadha."*

Maatewos 13:30.

Yaadadhaa mee maaloo, Barri Saardes haaromsa isa ammuma iyyuu hamma sanyiin gaafa Pheenxeqoosxee faca'e marsaa guutuu biqilaa tokkoo keessa darbee, bishaan obaafamee, kunuunsaa fi kkf keessa darbee hamma akka sanyii jalqabaatti deebi'uutti itti fufee guddachuu qabuu jalqabsiise. Utuma kun ta'aa jiruu, inkirdaadi facaafamanis marsaa isaanii keessa darbanii sassaabbiif ga'uu qabu. Taateen argaa jirrus isuma kana dha. Waa'ee waqtiilee yoo beektan fakkaattii sirrii taatee kanaa ni agattu. Biqilaan midhaanii ganna humna guutuudhaan utuu guddachaa jiruu argitan tokko, utuma isin quba hin qabaatin gara ija godhachuutti deema. Ganni darbee birraan yoom akka seenu sirriitti adda baasuu hin dandeessan—wal keessa seena. Barris akkasuma, keessattuu barri lamaan gara dhumaa kun akkasuma.

Barri Yesuus, "Ani dafee nan dhufa" ittiin jedhe bara kana; lakkoofsa 11. Sun immoo bara isa dhumaa, bara baay'ee gabaabaa taasisa. Laa'odiiqeyaan bara hojii ariifataa ti. Inni dafee xumurama.

Amma nuyi addatti BALBALA BANAA namni tokko illee cufuu hin dandeenye irra in jiraanna. Hunda dura an balabala banamaa irra jiraachuun barbaada, carraaqqii misiyoonii guddaa bara sanaa agarsiisa waan ta'eef. Carraaqqii ergama haaraa Gooftaadhaaf carraaqamu balbala banaa jedhee waama, Phaawulos.

2Qorontos 2:12,

*"Wangeela Kristos lallabuudhaaf mandara Xiro'aas yommuun dhufe, gooftaan karaa (balbala, KJV) anaaf banuu isaa nan arge."*

Kanaafuu Caaffatoota Qulqullaa'oo wal bira qabnee ilaaluudhaan balballi banaa kun babali'ina wangeelaa guddaa isa biyyi lafaa takkaa argitee hin beekne akka argisiisu hubanna.

Asitti waan tokko akka hubattan nan barbaada. Waaqayyo karaa sadii hojjeta, akkas mitii? Waldaan mootummaatti kan heerumte bara sadaffaatti ykn bara Phergamoonitti ture. Hojiin warra Niqolaawotaa barsiisa Niqolaawotaa ta'e. Barri sun muka wayinii sobaaf BALBALA BANAMAA ture. Erga humna mootummaatiin deeggaramtee booda maqaa Kristaana jedhu haa qabaattu iyyuu malee qabatamaatti sirna biyya lafaa taate. Isheen akkasitti akka ibidda saafaa babal'atte. Amma garuu, bara sadii booda, qabsoo amantii yeroo dheeraa booda, kunoo, BALBALLI BANAMAA gara isa dhugaatti dhufe. Amma guyyichi kan Dubbii Gooftaa ti. Dhugaa dubbachuuf, sochii kanaaf bu'uura kaa'ee kan darbe bara shanaffaa ti, abuurraa, koloneeffannaa, maxxansa kitaabotaa fi kkf bara sanatu nuuf gumaache waan ta'eef.

'Balballii banamaa' karaa Hoodaa guyyaa Pheenxeqoosxee isa Ibroota 2:1-4 irratti ibsamee irra bu'eera utuu ta'ee, silaa waan ajaa'ibaa ta'a ture. Ibroota 2:1-4, "Kanaafis nuyi karaa irraa akka hin gorreef, dubbii isa dhageenye kana caalchifnee yaadaan duukaa bu'uun in barbaachisa. Dubbiin ergamoota Waaqayyootiin dubbatamee fudhatamaa ta'e, namni isa irra daddarbe yookiis namni isaaf dhaga'uu dide hundinuus adaba isaaf ta'u in argate. Yoos immoo nuyi fayyina guddaa akkasii isa gooftaan ofii isaatii jalqabatti dubbate tuffannee, attamitti isa jalaa baana ree? Warri isa dhaga'an immoo dubbii kana nuuf cimsaniiru. Kana irrattis Waaqayyo ofii isaatii milikkitaa fi wanta dinqisiisaa karaa garaa garaas hojii aangoo hojjechuudhaan, akka jaalala isaatti kennaa hafuura qulqulluu hiruudhaan, duukaa bu'ee dhugaa ta'uu isaa mul'iseera." Kana Yesuus Ofii Isaatii waan dubbateef, kun karaa namni irra bu'uu qabu akka ta'e ni beektu.

Maarqos 16:15-20,

*"Inni 'Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa! Uumama hundumaattis wangeela lallabaa!*

*Namni amane namni cuuphames in fayya; namni hin amanne garuu itti in faradama.*

*Warra anatti amanan birattis milikkitoonni kun in argamu; warri anatti amanan kun maqaa kootiin hafuurota hamoota in baasu, afaanota haaraadhaanis in dubbatu.*

*Bofa yoo qaban yookiis waan nama ajjeesu yoo dhugan isaan hin miidhu; harka isaaniis warra dhukkubsatan irra in kaa'u, isaanis in fayyu' isaaniin jedhe.*

*Yesus gooftaan isaanii wajjin erga dubbatee booddee, gara waaqa keessaatti ol fudhatamee mirga Waaqayyoo taa'e.*

*Ergasii bartoonni dhaqanii iddoo halletti lallaban; gooftaan immoo isaanii wajjin hojjete,*

*dubbichas milikkitoota argamaniin in cimse."*

Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa kolleejjii Macaafa Qulqulluu hundeessaa isaaniin hin jinne; kitaaba barnootaa maxxansaas isaaniin hin jenne. Dhugaadha wantoonni kunniin gaarii dha, Yesuus garuu WANGEELA LALLAABAA isaaniin jedhe—SAGALICHATTII adda hin ba'inaa—sana booda milikkinni hunduu isini biratti in argama. Mootummaan Waaqayyoo lallabamuu kan jalqabe yummuu Yesuus bartoota kudha lamaan ergetti ture. Maatewos 10:1-8 irratti, ergamaa fi qajeelfama armaan gadii isaanitti kenne.

Maatewos 10:1-8,

*"Yesus bartoota isaa kudha lamaan ofitti waamee, hafuurota xuraa'ota akka baasaniif, dhukkubaa fi dhibee hundumaas akka fayyisaniif aboo isaaniif kenne.*

*Maqaan ergamoota kudha lamaanii immoo kanatti fufee jira; inni duraa Simoon isa Phexros jedhamee moggaafame, Indriiyaas obboleessa Phexros, Yaaqoob ilma Zabdewos, Yohaannis obboleessa Yaaqoob;*

*Filiphos, Bartolomewos, Toomaas, Maatewos isa qaraxa fuudhu, Yaaqoob ilma Alfewos, Taadewos;*

*Simoon isa 'Hinaafticha' jedhamee beekame, Yihudaa nama biyya Keriyot isa dabarsee Yesusin kenne.*

*Isaan kudha lamaan kana Yesus ergee, 'Karaa saba Waaqayyoo warra hin ta'initti isin geessu irra hin gorinaa, mandara warra Samaariyaa tokko illees hin lixinaa!*

*Kanaa mannaa gara warra akka hoolotaa karaa irraa goranii mana Israa'elii badanii dhaqaa!*

*Akkuma dhaqxaniinis, 'Mootummaan Waaqaa dhi'aateera' jedhaa lallabaa!*

*Warra dhukkubsatoo fayyisaa, warra du'an kaasaa warra lamxaa'an qulleessaa hafuurota hamoota baasaa; gatii utuu itti hin baasin fudhattan, isinis gatii utuu itti hin baasisin kennaa!" isaaniin jedhe.*

Tajaajilli Inni isaaniif kenne kun dhugumatti tajaajila Ofii Isaatii isaaniif qooduu ture, sababiin isaas Maatewos 9:35-38 irratti akkas jedha,

*"Yesus mandaroota hundumaa fi gandeen keessa naanna'ee manneen sagadaa isaanii keessatti barsiisaa, wangeela mootummaa Waaqayyoo himaa, dhukkubaa fi dhibee hundumaattiis fayyisaa ture.*

*Inni namoota akka hoolota tiksee hin qabneetti bututanii, gatamanii turan sana yommuu arge isaaniif oo'e.*

*Yommus bartoota isaatiin, 'Midhaan sassaabamu baay'ee dha, hojjetoonni sassaaban garuu muraasa;*

*egaa hojjetoota warra midhaan sassaabanitti haa yaafatuuf, abbaa midhaanichaa kadhadhaa!' jedhe."*

Amma namoonni baay'een Gooftaa keenya Yesuus ergama tajaajilaa kana ergamootatti waan kenneef, tajaajilichi yeroo ergamoonni du'anitti xumurame yaada jedhu qabu. Yaadni sun garuu dhugaa miti.

Kunoo Luqaas 10:1-9 irratti, gara mandaroota Ofii Isaatii dhaquuf jiruutti, warra kan Isaa ta'aniif aboo tajaajilaa kennuu akka jalqabe argina,

*"Kana booddee immoo gooftichi kan biraa namoota torbaatamii lama mul'inatti hojiidhaaf kennee, gara mandaraa fi iddoo inni ofii dhaquuf jiru hundumaatti, lama lamaan of dura isaan erge.*

*Inni isaaniin, 'Midhaan sassaabamu danuu dha; hojjetoonni sasssaaban garuu muraasa. Kanaafis hojjetoota midhaan sassaaban itti haa yaafatuuf, abbaa midhaanichaa kadhadhaa.*

*Ammas beenaa, kunoo, akka ilmoolee hoolaa yeeyyii keessattan isin erga.*

*Horii, qalqalloo, kophees hin baatinaa, karaa irrattis eenyuun illee nagaa gaafachuuf hin dhaabatinaa.*

*Mana tokko yommuu lixxan, duraan dursaatii, 'Nagaan mana kanaaf haa ta'u!' jedhaa.*

*Achi ilmi nagaa yoo jiraate, nagaan keessan isiniif deebi'a.*

*Manichuma sana keessa turaa, waan isaan isiniif dhi'eessan nyaadhaa, dhugaas, hojjetaadhaaf gatii dadhabbii isaatii argachuun in ta'a; manaa mana hin labinaa!*

*Mandara tokkotti galtanii yoo isin siman, waan isiniif dhi'aate nyaadhaa! Dhukkubsataa achi keessaa fayyisaa, saba achi jiraniinis, 'Mootummaan Waaqayyoo isinitti dhi'aateera' jedhaa!" jedhe.*

Tajaajila jabaa Filiphoos tajaajile haaluuf kan ija jabaatu eenyu? Tajaajila jabaa Ireniyees, Maartin, Kulumbaa, Paatrikii fi namoota lakkoofsa hin qabne warra dibata Waaqayyoo qaban haaluuf eenyu kan ija jabaatu?

Eeyyee. Karaan Macaafa Qulqulluu karaa dhugaa balabala banamaa ti. Sana irratti dhuga ba'umsa koo dabaluun barbaada. Sababni ani kana godhuufis, waan Waaqayyo jireenya koo keessatti qabatamaatti dubbachuu waanan danda'uufi. Yaada dhuunfaa jireenya koo isinitti himuu koof yoo na hin mufattan ta'e, Yesuus Kiristoos kaleessa isa ture, hara'as bara baraanis isuma sana akka ta'e, humni Waaqayyoo amma iyyuu warra Isa amananii fi Isa simataniif mamii tokko malee kennamuu akka dandaa'u isinittan hima.

Yeroon imala mishiinii gara Afrikaa Kibbaatti godhe Waaqayyo akka malee waan isa eebbiseef yeroon gara Darban dhaqetti bakki namoota hamma sana simachuuf ga'umsa qabu dirree fiigichaa guddaa addunyaa irratti lammaffaa sana qofa ture. Namoonni walitti qabaman 100,000 ol turan. Seeraa fi dambii biyyattii eeguun waan isaan irra jiruuf, saba garaa garaa dallaadhaan adda qoodanii turan. Tuutni akka dhiibboodhaan wal hin buruqsinettis poolisoonni dhibbaan lakkaa'aman ramadamanii turan. Lubbuwwan beel'aoon kunniin kiilo meetira hedduu adeemanii dhufan. Mootittiin Roodeshiyaa (Zimbaabuwee yeroo ammaa) baabura fuurgoo 27 harkisutti dhalattoota Afrikaa feetee dhufte. Firoota isaanii warra miidhama qaban dugdatti baataanii, gaara bu'anii, dachaas qaxxaamuranii kiilimeetira hedduu deemanii dhufan. Guutummaan biyyattiis hojii jajjabaaa Hafuurri Qulqulluu bakkeetti baasee mul'iseen in raafame.

Gaaf tokko waaree booda akkuman tajaajiluu jalqabeen, warra Mohaammadiyaanii kumaatamaan lakkaa'aman keessaa tokko gara waltajjiitti ol dhufte. Akkuma isheen na dura dhaabatteen tajaajilaan warra Mohaammadiyaanii dhugaa ba'uun beekame tokko sagalee gadi qabatee, "Oo, lubbuu qaalii sanaaf. Oo, lubbuu qaalii sanaaf" jedhee Gooftaa kadhachuu jalqabe. Inni waggoota dheeraaf achi ture, akka dhuga ba'umsa isaattis warra Mohaammadiyaanii keessaa namni Yesus Kristoos akka fayyisaa isaatti fudhate nama TOKKO qofa ture. Isaan, as dhufteen isaanii Meedoo-Faaris (Medo-Persian) warra seerri isaanii hin jijjiiramne irraa ti. Isaan mo'uun baay'ee ulfaata. "Namni tokko al tokko warra Mohaammadiyaanii jedhamnaan, yoomiyyuu warra Mohaammadiyaaniiti!" seerri jedhu waan jiru fakkaata.

Ba'eessa, akkuma isheen na dura dhaabatteen, ishee fi namoota kumaatama sana hundumaatti karaa warra afaan hiikanii dubbachuun jalqabe. Anis, "Misiyoononni waa'ee YESUUS Isa si fayyisuuf dhufee sitti himaniiru mitii?" jedheen gaafadhe. Yeroon akkas jedhetti akka itti namoonni ija keessa wal ilaalan utuu argitanii! Sun sirrii ta'uu isaa erga isaan mirkaneessanii booda itti fufeen, "Misiyoononni Macaafa kana keessaa (akka isaan arganitti Macaafa Qulqulluu koo ol kaasee) siif dubbisanii, Yesuus fayyisaa jabaa akka ta'e, hamma deebi'ee dhufuttis saba Isaa keessa jiraachaa akka jiru sitti himaniiruu? Sababa Hafuurri innumti Yesuus keessa ture isaan keessa jiruuf, hojii jajjabaa Yesuus hojjete isaanis hojjechuu akka danda'an sitti himaniiruu? Akkuma lubbuu keen fayyuu dandeessu dhukkuba keerraas fayyuu akka dandeessu sitti himaniiruu? Meeqan keessantu Yesuus innumti baroota dheeraa dura yeroo lafarra ture dinqii hojjete, ammas nu giduutti utuu hojjetuu arguu barbaada?" jedheen gaafadhe. Isaan hunduu sana arguu barbaanna jedhan. Sun waan isaan garaa guutuudhaan irratti walii galan ture.

Achiis ittuma fufeen, "Yesuus waan yeroo lafa irra ture hojjataa ture amma Hafuura Isaatiin yoo hojjete, Sagalee Isaa ni amantaa?" jedhe. Kunoo, dubartiin warra Mohaammadiyaanii sun fuula koo dura dhaabatti turte. Hafuurrichi na keessaan socho'uu jalqabe.

"Amma, akkan si hin beekne ni beekta. Afaan kee iyyuu dubbachuu hin danda'u" ishaadhaan nan jedhe. Isheenis sun dhugaa dha jette. "Akka fayyituuf, an si fayyisuu hin akkan hin dandeenye ni beekta. Ergaa waaree boodaa kana garuu dhageesseetta, hubatteettas" isheenan jedhe. Namichi afaan Hindii isheef hiikus duraanuu Kakuu Haaraa waanan dubbisaa tureef naaf galeera jette jedhe.

Egaa warri Mohaammadiyaanii Abrahaam irraa dhalatan. Waaqayyo Tokkotti ni amanu. Yesus Ilma Waaqayyoo ta'uu gananii, iddoo Isaa Mohaammadiin akka raajii Waaqayyootti fudhatan. Yesus gonkumaa hin duune, du'aas hin kaane jedhu. Sheekota isaaniitu kana isaan barsiisa, isaanis ni amanu.

Anis, "Garuu Yesuus du'ee du'aa ka'eera. Inni Hafuura Isaa deebisee waldaa irratti dhangalaase. Hafuurri Isa keessa ture Hafuuruma amma waldaa keessa waan ta'eef waan Yesuus hojjete hojjechuu danda'a. Yohaannis 5:19 irratti akkas jedheera,

*'Dhuguman isinitti hima, ilmi ofuma isaatiin homaa gochuu hin danda'u, isa abbaan isaa*

*hojjetu ilaalee in hojjeta; isuma abbaan hojjetu ilmis immoo akkuma kanatti in hojjeta.'*

Amma egaa, Yesuus dhufee rakkinni kee maal akka ta'e ykn maaliif akka dhufte yoo natti mul'ise—seenaan kee inni kanaan duraa maal akka ta'e natti yoo Inni natti hime, jireenya kee fuuldura jiruuf dhugumaan Isa ni amanataa?‟ jedheen gaafadhe.

Isheenis kanaa nama afaan isheef hiikuu,‟Eeyyee nan amana” jette.

Anis, “Tole, Inni haa hojjetu egaa”n jedhe.

Mohaammadiyaanonni sun xiyyeeffannaa guddaadhaan waan ta'u ilaalaa turan. Waan ta'uuf jiru arguuf hundi isaanii gara fuul duraatti as siqaa turan.

Sana booda Hafuurri Qulqulluu, “Abbaan manaa kee nama gabaabaa, furdaa fi areedi isaa gurraachaa ti. Ijoollee lama qabda. Gara guyyaa sadii dura dokteerota bira deemtee turte, qorannoos siif godhaniiru. Siistii (cyst) gadameessaa qabda” jedhee dubbate.

Isheen gadi qoommaatee, “Kun dhugaa dha” jette.

“Akkamitti gara koo, gara nama kristaanaa dhufte? Maaliif gara raajii warra Mohaammadiyaanii keessanii hin dhaqne?” jedheen ishee gaafadhe.

Isheenis, “Situ na gargaaruu danda'a jedhee waanan yaadeef” jette.

Anis, “Ani si gargaaruu hin danda'u, garuu Yesuus Kiristoos, Isa amma as jiru, Isa waa'ee guutummaa jireenya keetiis beeku akka Fayyisaa keetti yoo fudhatte, Inni si gargaara”n isheedhaan jedhe.

Isheenis, “Yesuusiin akka Fayyisaa kootti nan fudhadha” jette. Isa kan hojii hojjete. Isheen in fayyite, guyyuma sanatti Mohaammadiyaanonni gara namoota kuma kudhanii ta'anis Kiristoosiin fudhatan, sababiin isaas Wangeelli humnaan, Sagaleedhaanis waan lallabameef. Waggaa soddoma itti dhadhabii, harka duwwaa gali namichaan hin jenne Waaqayyo. Balbala banamaa Sagalichaa, humnas nuuf kenneera, nuyis isumatti dhimma ba'uu qabna. Phaawulosiif tajaajila guddaa fi bu'a qabeessa akkasii kan kennes sanuma. 1Qorontos 2:4, “Dubbiin afaan koo, lallabni koos humnii fi hafuurri Waaqayyoo akka na keessa jiru argisiise malee, dubbii ogummaa namaa keessaa ba'een amansiise miti.”

Amma na dhaggeeffadhaa. Osoon gara Niiwu Saalisbarii, Roodeshiyaatti imaluuf sakatta'amaa jiruu, namoota paaspoortii Amerikaa baatan, kanneen afur ta'anii gareedhaan socho'an tokko kanan arge imaluma yeroo kanaa irratti ture. Isaanitti dhi'aadheen, “Akkam jirtu, paaspoortii Amerikaan isini harkatti arga. Bakka wayii deemaa jirtuu?” jedheen gaafadhe.

Inni akka dargaggeessa tokko, “Lakki, hundi keenya mishiinerii asii ti” naan jedhe.

“Akkam namatti tola” jedheen deebiseef. “Ofii keessaniin moo dhaabbata wayii wajjin hojjettu?” jedheen gaafadhe.

“Nuyi Meetodistii dha. Wiilmoor, Kentaakii irraa dhufne” naan jedhe.

“Baa'eessa, sun qe'ee kooti jechuun ni danda'ama” jedheen deebiseef.

“Ati obboleessa keenya Braanhaam, isa akkas karaa olii sanaan darbu tokko miti kaa, ati isaa?” naan jedhe.

“Eeyyee, ani isa” jedheen deebiseef. Sun cal isa jechisiise. Dabalee waan biraa hin dubbanne—innii fi shamarran sun sadan deemuuf ijaan wal agarsiisan. Kanaafis, “Daqiiqaa tokko qofa naaf kennaa ilma ko, seerota bu'uuraa tokko tokko hunduma keessanitti himuun barbaada, hundumti keenya Kiristaanota kaayyoo guddaa tokkofis asitti argamne jedhee waanan hubadhuuf. Afuran keessanuu waggaa lamaaf akka as turtan amma natti himataniittu. Lubbuu harka keessan irra keessanii, Maqaa Yesuusiin gara Gooftaatti mo'attan tokko naaf eeruu dandeessuu?” jedheen gaafadhe. Isaan sana gochuu hin dandeenye.

“Warri shamarranii miirra keessan tuquuf miti,” jedheen, “garuu hunda keessan iyyuu manatti haftanii haadholii keessan saanii dhiquu gargaaruutu isin irraa eegama ture. Hafuura Qulqulluudhaan guutamatanii mul'achuu humna Hafuura Qulqulluutiin Wangeela dhugaa hin lallabdan taanaan, dhimma dirreetti baataniif tokko illee hin qabdan. Firii wanta Yesuus arguuf jirtu jedhee argaa hin jirtan taanaan, sababa Wangeela dhugaa lallabaa hin jirreef arguu dhabdani”n ittiin jedhe.

Mee tarkaanfii tokko duratti siqeen waan tajaajila dirree irratti ta'u tokko qofa isinitti agarsiisa. Wantoonni hunduu haaluma kana ta'u jechuu koo miti, garuu harki caalu akka ta'innaa jedheen sodaadha. Yeroman ergama kanarra jirutti, kantiibaa magaalattii wajjin Darban utuun daawwachaa jiruu, dhalataa achii tokko kudhaama mormatti rarraafatee waaqa tolfamaa utuu saamsaa jiruun arge. Kudhaamni sun maaliif akka fayyadu hiriyaa koo gaafannaan, dhalataan biyyaa Kristaanummaa yummuu fudhatu

kudhaama isatti hidhu naan jedhe. Sun dhuguma baay'ee na dinqe, sababiin isaas kunoo, nama Kiristaana ofiin jechaa jiru, waaqa tolfamaas rarraafatee jirun argaa jira waan ta'eef. Kanaafis kun attamitti ta'uu danda'a jedheen gaafadhe.

Innis, “Afaan isaa dubbachuu nan danada'a. Itti dhi'aannee haa haasofsiifnu” naan jedhe.

Kanaafis isatti dhi'aanne, kantiibichis akka afaan naaf hiikuu wayii godhe. Kirisataana ta'uu fi ta'uu dhabuu isaa nan gaafadhe. Dhuguma Kiristaana akka ta'es naaf mirakaneesse. Erga Kiristaana ta'ee maaliif waaqa tolfamaa akka mormatti hidhatun gaafadhe. Innis waaqa tolfamaa abbaan isaa hidhataa turee, booda isaaf dabarse akka ta'e dubbate. Kiristaanni kam iyyuu waaqolii tolfaman kaawwachuu hin qaban yummuun isaan jedhutti, waaqni tolfamaa kun oolmaa guddaa abbaa kootiif oole naan jedhe. Akkamitti kan jedhu baruufis cal'iseen dhaggeeffadhe, gaaf tokko leenci abbaa isaa nyaachuuf adamsa ture, innis ibidda bobbeessee akkataa toshituu (witch doctor) sun isa barsiiftetti waaqa tolfamaa sanatti dubbate, sana booda leencichi isa baqate jedhee naaf seenesse. Ibiddi bineensota bosonaa hunda waan sodaachisuuf leencicha kan ari'e ibidda jedheen isatti hime. Deebii isaa yoom iyyuu hin irraanfadhu. “Ba'eessa, dubbichi akkasi, Amooyaan (Hafuurri Qulqulluu) yoo hojjechuu dadhabe, waaqi tolfamaa hin dadhabu” jedhe.

(Dhuga ba'umsi duula Afirikaatti godhamee bal'inaan kitaaba, “Raajiin Tokko Afrikaa Kibbaa Daawwta” keessatti argama.)

Egaa sun humni kristaanonni sonaan baay'een qabanidha, sababiin isaas Sagalichi balbala banamaa Pheenxeqoostee isa jalqabaatiin gara isaanii waan hin dhufneefi.

Amma gara tajaajila balabala banamaa bara Filaadelfiyaatti haa deebinu. Aboo balbala banamaa qabaachuun irra ture hin qabu. Hubadhaa lakkoofsuma kana keessatti waa'ee balbala banamaa kanaa kaase. “Ati humna xinnaa qabda” jedhe. Sirriidhas. Bara sana keessa HUMNI Hafuurichaa hin jiru ture. Sagalichi akka gaariitti lallabameera. Sunis lubbuun gara fayyinaatti dhufuuf ogummaa akka qabaattu godheera. Garuu humni Waaqayyoo inni guddaan hojii Isaa warra jajjaboo agarsiise, irreen Isaa inni karaa waraa kan Isaa ta'anii mul'atee ture, garee addaan bittimmaa'an muraas keessatti malee hin mul'anne. Ta'us, Waaqayyoof galanni haa ta'uu malee, isa warri bara Haaromsaa qaban caalaatti dabaleera.

Namichi yeroo baay'ee abbaa misiyoonotaa jennee waamnu bara kanatti ka'e. Innis Wiliyaam Keerii, nama ganda tokkoof kophee hodhu ture. Waldaa Paartikulaar Baaptist Charch kan Moolten, Ingilaanditti argamutti paasterii yummuu turetti, “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqanii akka barsiisaniif abboommiin yummuu Ergamootatti kenname, tajaajiltoota hidda sanyii ergamootaa irraa dhalataniin ittti fufuun dirqama miti, abdiin kenname nama hundumaa walqixa waan ta'eef” jedhee lallabuudhaan, saba akka malee dammaqse. Finxaaleyyii Kaalviinistootaa warra waa'ee barsiisa fo'amuu (doctrine of election) irratti barsiisa dogoggoraa barsiisan, warra namni fayyuuf malu kamuu waan fayyuuf jiruuf, mishiinerii hojjechuun hojii Hafuurichaatiin mormuudha jedhanii amananiin lolamaa ture. Andiriwu Fuuler garuu lallabaan fandii walitti qabuudhaanis Keerii gargaaraa ture. Dhamaatii isaanii kanaan bara 1792 tti gareen hawaasa Wangeela saba hundumaatti babal'isuu tokko hundaa'e. Keerii nama Hindiitti luubbuwwan mo'achuutti ayyaana guddaa Waaqayyo biraa argate garee kanatu bobbaase. Bara 1795 tti Kristaanummaan London Mishiinery Soosaayitii jedhamu hundaa'ee paawudii miliyoonaan lakkaa'amu walitti qabuudhaan, fedha Gooftaa akka galmaan ga'aniif, misiyoonota kumaan lakkaa'aman baroota dheeraadhaaf ergaa akka ture sirriitti beekna. Hafuurri Waaqayyoo socho'aa ture “Hoolonni Kan Biraa”s bu'aa boo'icha garaa amantoota garaa qulqulluu sanaa turan.

“Ani balbala banamaa fuula kee dura kaa'eera.” Jechoota kana ammas irra deebi'ee ilaaluun barbaada. Yeroo kanatti mishiinii irraa isaan fageessuuf utuu hinta'in, yaada bara dhumaa keessa hidda gadi fageeffatu tokkon isinitti himuu barbaada. Akkuman duraan dubbadhe barri kun gara bara isa dhumaatti achi baqa. Yesuus, “Ani dafee nan dhufa” (lakkoofsa11) kan jedhe bara kan keessa, bara isa dhumaa immoo “Inni Hojii isaa isa qajeelummaa [KJV] gabaabsee lafa irratti in raawwata” jedha. Roomaa 9:28. Akkaataa Mul'anni 3:8 kun wal faana deemu hubadhaa—“balabala banamaa—humna xinnaa, Dubbii, Maqaa.” Balballi banamaa sadanuu wajjin hariiroo qaba. Amma balballi maal bakka bu'a?

Yohaannis 10:7 irratti, “Yesus ammas 'Dhuguma, dhugumanisinitti hima, ANA BALABALLI HOOLOTAA!' jedha” jedha.

Sirriidha: 'ANA' balballi hoolataa! Kun ibsama jaa'ibsiifatanii akkasumaan bira darban miti. Sun dhugumatti akkasuma. Yohhannis 10 irratti Yesuus yummuu fakkeenya kana kennu hubadhaa, Ana tiksee hoolotaa Ofiin jedhe. Itti aansees Ana balballi hoolotaa Ofiin jedhe. Dhugumaan tikseen hoolotaaf balbala. Inni dhugumatti balabala hoolotaa ti.

Yeroon gara Bahaa deemee turetti, tikseen hoolotaa hoolota isaa hundumaa, yeroo galgalaa'utti utuu walitti sassaabuun arge. Gaadaatti galchuuf walitti qabaa ture. Erga galchee boodas in lakkaa'a ture. Hunduu akka galan erga mirkaneeffatee boodas, balbala banamaa gaadichaa dura ciisuudhaan, qabatamaatti balbala dallichaa ta'e. Karaa isaa yoo ta'e malee homtinuu ol seenuus gadi ba'uus hin

danda'u ture. Inni balabla ture. Guyyaa itti aanutti akkuman hiriyaa koo wajjin konkolaataa jiippii yaabbadhee ba'een, utuu tiksichi karra hoolotaa dura bu'ee gara magaalaatti isaan bobbaasuun arge. Hamma hoolonni sun keessa darbanittis sochiin tiraafikaa idduma jirutti dhaabbate. Magaalonni gara Bahaatti argaman akka warra asii kana miti. Nuyi warri asii mi'a daldalaa hundumaa mana keessatti gurgurra; achitti garuu, akka namni achiin darbu argee bitutti omiisha hundumaa karaa dura waan hafaniif, gabaa guddaa lafa qotee bulaa tokkoo fakkaata. Anis, "Oo, kunoo lolli hamaan ka'uuf deema. Hamma hoolonni nyaata sana hunda arganitti eegi"n jedhe. Garuu akkuma tiksichi dura bu'ee deemutti, hoolonnis tarkaanfii isaa faana adeemu turan. Hoolonni nyaata sana hundumaa ni argu, garuu hoolaan tokko illee hin tuqne. Oo, utuun afaan isaanii beekee, silaa sochii tiraafikaa dhaabsiseen waa'ee waanan argee isaanitti lallaba ture.

Isin yummuu hoolota Tiksee hoolaa isa Guddaa taatanitti, faana Isaa hundumaa duukaa tarkaanfattu, akkuma hoolota sanaa. Daraaraa waldaa guddaa tokkootiin hin qoramtan, yookiis sagalee nama D.D, ykn Ph.D, ykn L.L.D qabu tokko duukaa hin buutan, Tiksicha biratti haftu malee. Hoolonni sagalee Isaa in beeku ISA duukaas in bu'u, sagaleen ormaa garuu akka hoolonni gara Tiksee isaanii isa dhugaatti baqatan godha jedha Macaafni Qulqulluu. Galanni Waaqayyoof haa ta'u.

Wanti an achitti argee, irraas baradhe garuu kana qofa miti. Gaaf tokko namoota beellada gosa garaa garaa dirreetti yaasanii eegan (tend) argeen, waa'ee isaanii yaaduutti ka'e. Inni tokko booyyewwan eega, inni kaan re'oota, kaan gaalota, kaanis gaangolii fi kkf eegu turan. Kanaafis jarri sun maal akka jedhaman hiriyaa koo achi jiraatu tokkon gaafadhe. Innis, "Oo, tiksoota (shepherds)" jedhamu naan jedhe.

Sun naaf liqimfamuu hin dandeenye. "HUNDA ISAANIITIIN tiksoota hin jedhin. Tiksoonni warra hoolota eeganidha, akkas hin jedhamanii?"n jedheen.

"Lakki," naan jedhee, itti fufees, "Tikseen eegduu ykn dheedchiftuudha. Kanaafuu namni beelladoota dheedchisu kamuu tiksee dha" naan jedhe.

Baay'ee gaarii, sun na ajaa'ibe. Ani garuu garaa garummaa eegdota sanaa fi warra hoolota eegan gidduu jiru nan hubadhe. Yummuu galgalaa'ettiis tiksee hoolotaa irraan kan hafe eegdonni hunduu beelladoota isaanii dirreetti dhiisanii gara manaatti galan. Tikseen hoolotaa hoolota isaa fudhatee galee, gaadaattis ol naqe, sana boodas balbala banamaa dura ciisee balbala isaaniif ta'e. Oo, ulfinni Waaqayyoof haa ta'u, Tikseen keenyaa takkaa nu hin dhiisu yookiis nu hin gatu. Yeroo halkanni dhufutti gaadaa Isaa keessatti argamuun barbaada. Eegumsa Isaa keessa jiraachuun barbaada.

Yoos egaa amma, YESUUS BALBALICHA akka ta'e hubachuu dandeenya. Inni balbala hoolotaa ti. Waa'ee BALBALA BANAMAA ammaas isa inni dubbatu hubadhaa. Sun mul'ata Isaa malee maal ta'uu danda'a? Mul'atichis Humna nuuf kennuuf, Sagalicha nuuf ibsuu fi Maqaa Isaa akka ulfeessinuuf banamaa jira. Mul'anni Hooda Yesuus Kiristoos nu duratti daraare kan mul'ate baroota gara dhumaa lamaan gidduutti. Eeyyee, Inni Waaqayyo akka ture ni beekna. Kanaa achii attamitti Fayyisaa keenya ta'uu danada'a ree? Sana beekuun Garuu Inni KOPHAA ISAA WAAQAYYO akka ta'e, YKN WAAQAYYO ISA QOFA akka ta'e, Inni Alfaa fi Omegaa akka ta'e beekuu dha, innis, "Yesus GOOFTAA FI KIRISTOOSI—GOOFTAA YESUUS KRISTOS, ABBAA, ILMAA FI HAFUURA QULQULLUU ISA TAASISA, SADANUU QAAMA (NAMA) TOKKO—innis erga baroota waldaa jalqabaatii as dhokatee ture, amma garuu deebinee argaa jirra. Mul'anni EENYUMMAA ISAA deebi'ee dhufeera. Egaa Fakkaattiin Waaqayyoo (Godhead), Waaqayyo nama sadii ta'ee namummaa tokko qabu miti, sababiin isaa namni tokko namummaa irraa uumama. Namummaa TOKKOTU jira yoo ta'e, nama tokko malee homtinuu hin jiru. Warri namoota sadiitti amanan garuu Fakkaattii Waaqayyoo waaqayyolii sadii waan qabaniif, abboommii isa jalqabaa jabsuudhaan yakkaniiru.

Mul'anni Fakkaattii Waaqayyoo garuu deebi'eera. Waldaa isheen dhugaan amma cimaa deemti. Yeroon hammi kun erga darbee booda, dhumarratti Gooftaan ishee eenyu akka ta'e barti. Ammas deebinee MAQAA GOOFTAA YESUUSITTI IN CUUPHANA, akkuma isa isaan ayyaana Pheenxeqoosteetti cuuphanitti.

Mee abjuu waa'ee cuuphaa tokko-sadummaa (triune) Waaqayyo naaf kenne tokkon isinitti hima. Kun abjuudha, malee mul'ata miti. Isinuu beektu, anis hin mamu, innis eebba baroota waldaa keessaa tokko abjuu Hafuura qulqulluun kennamu fudhachuu ture, akkuma nama mul'ata fudhatuutti isa fudhachuu ture. Innis gaaf tokko halkan Sambata Duraatti bar'u, naannoo sa'aatii 9tti ture. Bishaan dhugaatii Yooseefiif kennuufan hirribaa ka'e. Yeroon deebi'ee gadi ciisettis battalumatti hirribni na fudhateen, abjuu kana abjoodhe. Namichan abbaa koo se'e tokkon arge. Innis nama qaamaan guddaa irree cimaa qabu ture. Akkasumas dubartiin haadha koo se'e tokkos nan arge; garuu isheen haadha koo hin fakkaattu, innis abbaa koo hin fakkaatu ture. Namichi kun haadha manaa isaatti baay'ee gara jabeessa ture. Inni ulee akka batoo guddaa fiixeen isaa iddoo sadiitti tarsa'e of harkaa qaba. Jirma mukaa tokko fuutanii, ol galagalchitanii qottoodhaan yoo gadi dhooftan, golee sadiitti addaan tarsa'ee falaxaa sadii akka uumu ni beektu. Egaa ulichi akkas fakkaata ture. Nimichi ulee kanaan dha'ee, lafatti ishee dabale. Isheen achi ciiftee boossi, inni qoma dhiibaa ishee irra naanna'a, fuula isaa irraas ofitti boonuu guddaatu dubbifama, dubartii miskiina tokko reebuu isaatiif waan ofitti boonu, garaas waan ciibsate fakkaatee mul'ata. Olka'uuf

yeroo isheen yaaltu hundumaatti, ni rukuta ture. Wanti inni godhaa jiru natti hin tolle, isa dhaabsisuun qaba jedheen murteessa garuu immoo, “Nama kana kuffisuu hin danda'u—inni baay'ee guddaa dha. Inni abbaa koo natti fakkaata” jedheen yaade. Keessa kootti garuu abbaa koo hin taane nan bare, eenyu iyyuu dubartii tokko akkasitti miidhuu akka hin qabnes nan hubadhe. Achi itti deemeen, morma wayyaa isaa duubaan qabee ofitti isa naannessees, “Ishee rukutuuf mirga hin qabdu” nan jedheen. Yeroon sana dubbadhettis maashaaleen qaama kootii hunduu in marge, akka nama qaama guddaa bara duriis (giant) nan ta'e. Namichis sana argee na sodaate. Anis, “Deebitee ishee rukunnaan, wal'aansoo koo keessa galta”n ittiin jedhe. Innis ishee rukutuu isaatti in gaabbe, abjuchis narraa deeme.

Abjuu sana booda baattalumatti nan dammaqe. Maal wanti dinqiin akkasii jedheen, itti yaade. Waa'ee dubartii sanaa maaliif akkan abjoodhe na dhibe, battaluma sanattii kunoo Inni in dhufe, argamuun Waaqayyoo natti beekamee, hiikni abjuchaas Isa biraa dhufe. (Amma isin namoonni sun, abjuu keessan dhibbaa dhibbatti isiniif hiikuu koo qofa akka hin taane ni beektu; waan isin abjoottan isa isin gonkumaa natti hin himin yeroo baay'ee, baayyee, isinitti himuu koos ni beektu.) Dubartittiin waldaa biyya lafaa har'aatti hiikamti. Ani laaqiidhuma kana keessattin dhaladhe—leeqii isheen amma keessa jirtu. Isheen haadha safuu qabdu ta'uutu irra ture (isheen haadha ejjitootaa ti). Abbaan manaa ishee dameelee amantii (denominations) ishee bulchanidha. Goleen taras'a ulichaa sadan chuuphaa sobaa tokko-sadummaa (triune) isa isaan sillaaseetti (trinity) cuuphanii ti. Yeroo isheen ol ka'uu jalqabdu hundumaatti (kana jechuun amantoonni dhugaa fudhachuu jalqaban) dhirsichi deebisee doktiriinii sobaa sanaan gadi ishee oofa. Inni baay'ee guddaa waan tureef jalqabatti nan sodaadhe, yeroon isaan mormuu jalqabetti garuu maashaa gurguddaa fi humna qabeessan qabaachuu koon arge. Sun MAASHAA AMANTII ti. Itti ba'i abjuu kanaa, “Waaqayyo ana wajjin waan jiruuf, humna akkasiis waan anaaf kennuu danda'uuf, ka'een humna damee amantummaa biyya lafaa dura isheef dhaabadha, akka inni ishee rukutuu dhiisus nan godha” kan jedhu ture.

Amma abjuudhaanan doktiriinii tokko gabbisuuf yaalaa jira miti. Doktiriiniin itti amanu tokkon abjuudhaan dhugummaa isaa mirkaneessuuf yaalaa jiras miti. Tokkummaan Fakkaattii Waaqayyoo guutummaa karaa Seera Uumamaa 1:1 hamma Mul'ata 22:21tti jiruu ti. Namoonni garuu doogimaa sillaasee caaffata qulqullaa'oo wajjin wal hin qabanneen jaamaniiru, doogimaan sunis akka walii galaatti fudhatama argate, innis “Waaqayyo Nama Tokkoo” sana arguu yaaluun hunda arguudha jedhu malee hin danda'amu. Namoonni DHUGAA waa'ee Fakkaatti Waaqayyoo hin argan, garuu ittiin mormu yoo ta'e; dhugaa hafan hundumaas arguu yoom iyyuu hin danda'an sababni isaas MUL'ATICHI YESUUS KIRISTOOS WALDAA ISAA KEESSA JIRUU FI HOJII ISAA BAROOTA TORBAAF WALDATTII GIDDUUTTI JIRU waan ta'eef. Sun Isiniif galeeraa? Amma akka isiniif galu nan amana.

“Ati humna xinnoo qabda, garuu dubbii koo eegdeetta, maqaa koos hin ganne.” Amma humnichi attamitti deebi'aa akka jiru durumaan ibsineerrra. Inni deebi'aa jira ture. Humni dararaaf hidhaa ni hir'ate. Namoonni biyyaa bqatan bilisummaa waaqaeffannaa argatan. Waanjoon haayiraarkii (hierarchy) in caccabe. Damee tokko damee biraa irratti kakaasuun isaanii sirrii akka hin taane mootummoonnis ni hubatan. Dhugaa dubbachuuf, namoonni faayyaaleyyii ta'anii garuu gowwosaadhaan oofaman tokko tokko, mirga amantii isaanii tikfachuuf waraana banuu barbaadaa turan. Cimina dhaaba amantii agarsiifachuun hundarra caalu bara kanatti ta'uun dhugaa ta'uu hin oolle, innis Faransaayi warraaqsa keessatti yoo kufte iyyuu, haaromsi guddaan warra Wesiliyaanii Biriteen Guddittii warraaqsicha irraa dhowwuudhaan, waggoota ulfinaa hedduuf meeshaa harka Waaqayyoo akka taatuufis ishee qusateera.

Lallabni Sagalichaa bara kana caalu hin turre. Akkuma Seexanni tuuta namoota isaa warra yaada amantii hin fudhannee kaase, akkuma hundeesitoonni komuniiziimii ka'an, akkuma warri liberaal ti'ooloojii mi'oota xuraa'ummaa isaanii diriirsan, Waaqayyos loltoota amantii jajjaboo kaase, hojiwwan gurguddoon barruulee Kiristaanaa, barsiisuu fi lallabuun bara kana irraa dhufan. Lallaboonnii fi barsiisonni ishee gonkumaa hin jaarmiyoofne, sichittis hin jaarmiyooman. Warri Spurje'on, warri Paarker, warri Maak-Kilaaren, warri Ediwaard, warri Buniyaan, warri Me'uler, warri Bireeyinaard, warri Baarnes, warri Biishopis hundi isaanii bara kana irraa dhufan. Isaan Dubbii Waaqayyoo in lallaban, in barsiisan, in barreessanis. Isaan Maqaa Isaa in ulfeessan.

**Firdii Yihudii Sobaa**

Mul'ata 3:9,

> *“Kunoo, warra walga'ii Seexanaa keessaa Yihudoota utuu hin ta'in sobanii Yihudoota ofiin jedhan sitti nan kenna. Kunoo, isaan kun dhufanii miilla keetti akka kufan, si jaallachuu koos akka beekan nan godha.”*

Amma rakkoon Yihudii sobaa ykn amantoota sobaa kun bara lammaffaa keessa mul'achuu akka jalqabe ni hubanna. Warri sobanii Yihudoota ofiin jedhan kun dhangala'uu bara jalqabaa hotdofanii mumul'atan, ammas bara lammaffaa keessa immoo haaromsa hordofanii mul'atan. Kun waan akka tasaa ta'e miti. Eeyyee, waan akka tasaa ta'e miti. Sun qajeelfama Seexanaa ti. Qajeelfamichis gurmeessuu fi bu'uuressaa of gochuudhaan, mirgaa fi carraa adda ta'e akka waan qabaniitti of galmeessuu dha. Mee

isinittan argisiisa. Duuba bara Simiirnaatti namoonni kun Yihudoota (ykn amantoota) dhugaa utuu hin ta'in, sobanii nuyi Yihudoota ofiin jedhan. Isaan walga'ii Seexanaa turan. Isaan tuuta walitti qabama Seexanaa turan, sababiin isaas bara sanatti hojii tajaajilaa keessatti, namoota taajila obbolootaa irratti aboo geggeessummaa qaban arguu kan jalqabne. (Bishooppota tiksoota irratti aboo qaban godinaalee irratti muudan). Itti aansuun immoo bara sadaffaatti, iddoon "teessoo seexanaa" jedhamu tokko qabatamaatti jiraachuu argine. Barri sun bara gaa'ila waldaa fi mootummaa nuuf dhaledha. Aangoo mootummaa ishee duuba jiru biratti waldaan ifaan ifatti fooniin hin injifatamtu.

Mootummaan aangoo qabaatus garuu Waaqayyo aangoo sana cabsee haaromsi ifa guddaa fidee dhufe. Garuu maaltu ta'e? Luteraanonni in ijaaraman, mootummaa wajjinis walitti hidhatan kanaafis wal ga'iin Seexanaa bara ja'affaa kana keessatti deebi'ee akka mul'ate argina. Dhugaadha, walga'iin ijaaraman kun nuyi kan Seexanaati ofiin hin jedhan. Lakki obboo. Isaan nuyi walga'ii Waaqayyooti ofiin jedhu. Garuu ni sobu. Sababni isaas, namni Yihudii dhugaa ta'e (nuyi akkasi ofiin jedhu) nama keessi isaatiin Yihudii ta'e dha—Hafuuraan. Kanaafuu isaan Yihudoota sobaa ti jechuun, isaan waan Yihudaa 19 irraati jechuu dha, kunis, isaan "Hafuura Qulqulluu HIN qaban" jechuu dha. Ijoolleen Waaqayyo Hafuura Qulqulluuttii dhalatu. Isaan kun Hafuura Qulqulluu hin qaban kanaafis hammam cimanii haa morman iyyuu malee, mirkaneessuufis hamma fagaatanii haa deeman iyyuu malee, isaan ijoollee Waaqayyoo MITI. Isaan DU'OO dha. Isaan ijoollee jaarmiyaati, ija dhugaa godhachuu dhaabaniiru. Isaan qanoonaa, doogimaa fi doktiriinii mata-mataa isaanii irratti ijaaraman, Sagalee Waaqayyoo gararraa gorsitoota mataa isaanii waan qabaniifis dhugaan isaan keessa hin jiru.

Mee waa'ee muka wayinii lamaanii, kanneen hafuurota garaa garaa lama irraa dhufanii, isan yeroo hundumaa barsiisuu yaalu irraa isinitti haa agarsiisu. Yeroo kanatti fakkeenya Yesuusii fi Yihudaa fudhaa. Yesuus Ilma Waaqayyoo ture. Yihudaan ilma badiisaa ture. Waaqayyo Yesuusitti gale. Seexanni Yihudaatti gale. Yesuus tajaajila Hafuura Qulqulluu guutuutti qaba ture. Hojii Ergamootaa 10:38 irratti akkas waan jedhuuf,

> *"Waaqayyo Yesus nama Naazireet kana hafuura qulqulluudhaan dibee humnaan akka guute, inni naanna'ee hojii gaarii akka hojjete, Seexanaan kan cunqurfaman akka fayyise, Waaqayyo isaa wajjin akka tures beekamaa dha."*

Hojii Ergamootaa 1:17 irratti akkas jedha,

> *"Inni nuu wajjin lakkaa'amee hojii kanas nuu wajjin hojjechuudhaaf fuula qabatee ture."*

Maatewos 10:1,

> *"Yesus bartoota isaa kudha lamaan ofitti waamee, hafuurota xuraa'ota akka baasaniif, dhukkubaa fi dhibee hundumaas akka fayyisaniif aboo isaaniif kenne."*

Hafuurri Yihudaa keessa ture hojii tajaajila Yesuus hundumaa irraa hirmaateera. Sana booda lamaanuu gara fannootti dhi'aatan. Yesuus fannoo irratti fannifame, Lubbuu Isaas gammachuudhaan cubbamootaaf kennee, Hafuura Isaa immoo harka Waaqayyootti kennate. Hafuurri Isaa gara Waaqayyoo dhaqee ergasiis guyyaa Pheenxeqoosxeetti Waldaatti dhagala'e. Yihudaan garuu of fannise hafuurri isaas gara Seexanaatti deebi'e, guyyaa Pheenxeqoosxee booda garuu hafuurri innumti Yihudaa keessa ture deebi'ee wayinii sobaa isa wayinii dhugaa faana wal maddii guddatuutti gale. Hubadhaa garuu, hafurri Yihudaa gonkumaa guyyaa Pheenxeeqoosxee hin qaqqabanne. Inni Hafuura Qulqulluu simachuuf ol hin baane. Olba'uu hin dandeenye. Hafuurri Yihudaa garuu maal qaqqabatera? Korojoo warqee qaqqabateera. Inni horii baay'ee jaallata. Inni ammuma iyyuu horii jaallata. Inni naanna'ee Maqaa Yesuusiin dinqii gurguddaa yoo hojjete, walga'ii gurguddaa yoo qopheesses, har'uma iyyuu horii, gamoo, barnootaa fi kkf kan duraan qabu caalaa ni kuufata. Hafuura isaan irra jiru ilaaltanii hin gowwominaa. Yihudaanis warra kudha lamaan keessaa tokko waan tureef, akkuma warra kaanii naanna'ee dinqii hojjeteera. Garuu Hafuura Waaqayyoo akka dhuunfaatti HIN qabu ture. Hojii tajaajilaa ni qaba ture. Inni sanyii dhugaa waan hin taaneef guyyaa Pheenxeqoosxee hin qaqqabanne. Inni mucaa Waaqayyoo isa dhugaa hin turre. Lakkii obbo. Ammuma iyyuu walga'iin Seexanaa keessa keessa haala sanatu jira. Hin gowwomfaminaa. Warra fo'aman keessaa tokko yoo taatan hin gowwomfamtan. Yesuus hin gowwomfaminaa jedheera.

Eeeyyee, namoonni kun nuyi Kiristaana ofiin malee Kiristaana miti.

> *"Kunoo, isaan kun dhufanii miilla keetti akka kufan, si jaallachuu koos akka beekan nan godha."*

1Qorontos 6:2,

> *"Warri Waaqayyoof qulqullaa'an biyya lafaatti akka faradan isin hin beektanii ree?"*

Ergamoota kudha lamaantu teessoo kudha lamaan irra taa'ee gosoota Israa'el kudha lamaanitti farada qofaa utuu hin ta'in, qulqulloonniis akkasuma biyya lafaatti faraduuf jiru. Yeroon sun yeroo warri nuyi kan Waaqayyooti, Waaqayyo nu jaallatas ofiin jedhan eenyu mucaa Waaqayyoo akka ta'e, eenyu

Ilmichaanis akka jaallatamu sirriitti baruuf jiranidha. Eeyyee, guyyaan sun itti adda baafamee mul'ifamu dhi'aateera. Amma warri biyya lafaa safartuu tokkoon bulchaa jiran, warri bara isa dhumaatti fakkaattii bineensichaa dhaabanii ifatti ittiin biyya lafaa bulchanis, guyyaa Yesus firdii qajeelaa biyya lafaatti faraduuf qulqulloota Isaa wajjin dhufutti mataa buusuuf jiru. Maatewos 25 irratti jechi, warri du'aa ka'uu isa jalqabaa irraa hafan "Hundi" Abbaa Firdichaa fi misirroo Isaa dura in dhaabatu jedhu waa'ee kanaa ti.

**Leellifamuu, Abdiinis Kennamuu Isaa**

Mul'ata 3:10,

> "Ati dubbii koo isa obsaan danda'uu si irraa barbaadu waan eegdeef, anis immoo yeroo qoramsi guutummaa biyya lafaa irratti namoota lafa irra jiraatan hundumaa qoruudhaaf dhufutti isa jalaa akka baatuuf sin eega."

@@"Dubbii Koo isa obsaan danda'uu si irraa barbaadu" yummuu jedhu maal jechuu Isaa ti? Ibroota 6:13-15."*Waaqayyo Abrahaamiif kakatee abdii kenneef; ittiinkakachuudhaaf kan isa irra caalu waan hin jirreef, ofii isaatiin kakate. Abdichiinni kakaadhaan kennames, 'Ani dhuguma sin eebbisa, dhuguma sin baay'isas' kanjedhu ture. Abrahaamis akka kanatti obese waan Waaqayyo isa abdachiise argate."* Hafuurri Qulqulluu waa'ee Sagalee Waaqayyoo isa nuuf kennamee dubbachaa akka jiru hubadhaa. Fiixa ba'iinsa Dubbii dubbatamee eeguun akkuma Abrahaam obsuu gaafate. Abrahaam Isa isatti hin mul'anne akka waan Isa argaa jiruutti lakkaa'e. Inni in obse Dubbichis xumura irratti fixaan ba'e. Kun karaa Waaqayyo ittiin saba Isaa obsa barsiisu dha. Maaliif, battaluma isin kadhattanitti Dubbii Isaa waan qabatamaatti utuu isiniif geeddaree, silaa gonkumaa obsa hin baratttan, kanaa mannaa daran jireenyaaf obsa dhabdu malee. Mee dhugaa kana guutummaatti ifa baasee isinitti haa himu.

Ibroota 11:17,

> *"Abrahaam yeroo ilaalamuuf qorametti, amantiidhaan Yisihaqin aarsaadhaaf dhi'eesse; isuma deddeebi'ee abdii argate sanatus ilma isaa isa tokkicha aarsaa dhi'eessuuf qophaa'e."*

Haalichi akkana: Abrahaam Sagalee Abdii erga argatee BOODA qoramee ilaalame. Namoonni harki caalu akka yaadanitti, abdii gaarii Waaqayyoo kennu argachuuf Maqaa Yesuusiin hamma kadhannetti qoramsi hin jiraatu. Asitti garuu Abrahaam erga abdii argatee booda qoramee ilaalame jedha.

Innis akka Faarannaa 105:19 isa Yooseefiin akeekuutti sirrii dha,

> *"Hidhamuun isaas (qoramuun isaas KJV) wanti inni jedhe hamma raawwatamutti, dubbiin Waaqayyoos hamma dhugaa baasuufitti ture."*

Waaqayyo abdii hammana hin jedhamnee fi gatii guddaa baasu nuuf kenna. Fiixaan nuuf baasufis nuuf kakateera. Ni raawwatas. Garuu yeroo kadhannu irraa hanga yeroo deebii argannuutti obsa qabaachuu lubbuu keenya barsiisuu qabna, obsuu duwwadhaan jireenya harkatti galfanna waan ta'eef.

Akkuma namoonni bara ja'affaa kun obsaan danda'anii eguu baran, nuyis akka barrutti Waaqayyo nu haa gargaaru. Seenaa jireenya Kristaanota gurguddoo kanaa dubbifneerra; jireenya keenyaa fi jireenya isaanii gidduutti wanti arginus waan wal faallessudha; isaan nama baay'ee obsuu fi nama baay'ee tasgabbaa'us turan, hundumti keenya garuu har'a nama akka malee obsa fixatee fi nama gar malee ariifatu ta'uutti mo'amneerra.

Inni ittuma fufees, "*Ati dubbii koo isa obsaandanda'uu si irraa barbaadu waan eegdeef, anis immoo yeroo qoramsi guutummaabiyya lafaa irratti namoota lafa irra jiraatan hundumaa qoruudhaaf dhufutti isajalaa akka baatuuf sin eega*" isaaniin jedhe. Ammas asitti walirra bu'uu baroota lamaanii argina; sababiin isaas abdiin kun xumura baroota warra Saba Waaqayyoo Hin Jedhamnee isa Rakkina Guddaadhaan goolabamuuf jiruu wajjin waan wal qabatuufidha.

"*Anis immoo yeroo qoramsi guutummaa biyya lafaa irratti namoota lafa irra jiraatan hundumaa qoruudhaaf dhufutti isa jalaa akka baatuuf sin eega*." Lakkoofsi kun raajii waldaan dhugaa rakkinaatti galtee rakkinicha keessa dabarti jechaa jiru miti. Utuu akkas jechuu ta'ee silaa ni dubbata ture. Ishee dhugaatiin garuu akkas jedhe, "*Yeroo qorumsaatti jalaa akka baatuuf sin eega."* Qoramsi kun qabatamaatti qoramsa Eden keessaatiin tokko. Innis yaada akka malee ofitti nama hawwatu, kan kallattiidhaan abboommii Dubbii Waaqayyoo mormu deeggaruu ta'a, haa ta'u malee, madaala xiinxala sammuu dhala namaatiin yummuu ilaalamu yaada baay'ee fudhatamaa, yaada baay'ee 'enlighten' nama godhuu fi yaada maddajireenyaa ta'uuf jira, kanas ittiin biyya lafaa gowwomsuuf dhimma itti ba'uuf jiru.

Warra fo'aman duwwaatu hin gowwomfamu. Qoramsichi akka armaan gadiitti dhufa. Sochiin Ekuumeenikaalaa qajeelfama yaada bareedaa fi eebbifamaa fakkaatu akkasitiin jalqabe (hundi keenyatokko akka taanu kadhannaa Kiristoos raawwachuu) siyaasaan baay'ee cimuudhaan mootummaa irratti dhiibbaa gochuudhaan namni hunduu kallattiinis ta'e qajeelfama seera tumamuutiin akka isheetti makaman gooti, kallattiinis ta'e al-kallattiidhaan mana maree kana jalatti yoo gurmaa'e malee eenyu illee

akka waldaa dhugaatti beekamtii akka hin qabanne gochuuf jirti. Garee xixiqqoo jalaa hayyama hojii hafuuraa, mirga itti fayyadama qabeenyaa fi kkf haquudhaan hanga qabeenyaa fi mirga amantii dhabsiisuutti geessisuuf jirti.

Fakkeenyaaf, ammuma iyyuu iddoo baay'eetti yoo ta'uu baate iyyuu magaalota muraasa keessatti, gumiin tajaajila sabakaa naannoo sanaa yoo mirkaneesseefiin ala, eenyu illee tajaajila amantiif mana kireeffachuu hin danda'u. Yeroo ammaa tajaajila waraanaa, hospitaalaa fi kkf keessatti qacaramuuf miseeensummaa garee ecumenikaalii sillaasee qabaachuun dirqama ta'aa dhufeera. Dhiibbaan kun akkuma dabalaa deemuun, ittiin moruun ulfaataa dhufa, sababiin isaas mirga jiraachuu waan namarraa mulquuf. Kanaafis namoonni baay'een wajjin deemuuf in qoramu, sababiin isaas, ifatti matumaa Waaqayyoon tajaajiluu dhiisuu mannaa, qajeelfama jaarmiyaa kanaatti hidhatanii ifatti Waaqayyoon tajaajiluu wayya yaadni jedhu waan isaanitti dhaga'amuuf. Garuu ni dogoggoru. Soba diyaabiloos amanuun Seexana tajaajiluu dha, hammam inni Yaahweedha yoo ittiin jettan iyyuu. Namni fo'ame garuu hin gowwomfamu.

Dabalataanis, warri fo'aman eegamuu qofa osoo hin taane, akkuma sochiin kun “BIFA FAKKEENYA BINEENSICHAAF DHAABAMU” ta'aa deemuun, qulqulloonni ol in butamu. Sochii xiqqoon gammachuu qabdu kun, sochiin hawwattuun bara Efesoonitti walitti qabamuu jalqabde kun gara jawwee Seexanaa isa guutummaa biyya lafaa xureessuu fi gowwomsuutti guddachuuf jirti. Sababni isaas sirni waldaa Waldaa Kaatolikii Roomaa fi waldaa Pirotestaantii walitti dhufuun uumamu, sirna guutummaa qabeenya addunyaa to'achuudhaan guutummaa biyya lafaa kiyyoo amantii keessatti kuffisuuf jira, ykn mirga bituu fi gurgaratanii jiraachuu irraa mulquudhaan isaan ajjeesuuf jira. Kunis salphaatti raawwatamuuf jira. Sababiin isaas intaloonni ejjituttii hunduu tokko utuu hin hafin gara isheetti waan deebi'aniif. Gidduu kanaan, Roomaan warqee ishee barbaachisu hunda walitti qabatteetti. Yihudoonni maallqa waraqaa fi boondii of harkaa qabu. Yeroon sirriin yummuu ga'u, dubartittii ejjituun maallaqa waraqaa hundumaa liqaatti hiruudhaan sirna maallaqaa yeroo ammaa ni balleessiti, iddoo isa liqeessiteesses warqiin akka kaffalamuuf ni dirqisiifti. Warqeen waan hin jirreef sirnichi ni kufa. Yihudoonni kiyyeeffamanii gara gamtichaatti kufuuf jiru, waldaan ejjituttiis guutummaa biyya lafaa harka keessa ni galfatti.

**Abdii Warra Kan Isaa Abdachiifame**

Mul'ata 3:11-12,

*“Ani dafee nan dhufa; namni tokko illee gonfoo mo'ichaa isa kan keetii si duraa akka hin fudhannetti, isa qabdu jabeessii eeggadhu!*

*Isa mo'u sana mana qulqullummaa Waaqayyo koo keessatti utubaa nan godha; isa keessaas matumaa hin baafamu. Maqaa Waaqayyo kootii, maqaa mandara Waaqayyo kootii, Yerusaalem ishee haaraa ishee Waaqayyo koo biraa waaqa keessaa gadi buutu, maqaa koo isa haaraas utubaa kana irratti nan caafa.“*

Yaada dafee dhufuu Isaatii irratti yaada kennuu nu hin barbaachisu. Bara dhumaa keessa jirra waan ta'eef akka Inni dafee dhufu ni beekna, ni beekna mitii? Itti fufee garuu, “Namni tokko illee gonfoo mo'ichaa isa kan keetii si duraa akka hin fudhannetti, isa qabdu jabeessii eeggadhu!” jedha.

Dhufaatiin Yesuus yeroo rakkinni guddaan ta'u gidduutti ta'a. Dhufaatii Isaa wajjinis du'aa ka'uun ni ta'a. Warra utuu lubbuun jiranii dhufaatii Isaa eeggachaa jiranii wajjin namoonni baay'een awwala keessaa in ka'u. Isaanis gonfoon in argatu. Maaliif? Ilmaan Waaqayyoo waan ta'aniif. Isaan Isaa wajjin mootota ta'u. Isaan Isaa wajjin in mo'u. Gonfoon kan agarsiisu kanuma—Mootii Moototaa wajiin mo'uu fi bulchuu dha. Sun abdii warra Isaaf jedhanii lafa kanarratti rakkatan—warra Waaqayyo, Abbaan Firdii Haqaa akka isaaniif faraduuf jiru beekanii obsan hundumaaf abdachiifame dha. Warri Isaaf jedhanii waan hundumaa dhiisan, waan hundumaas dabarsanii Isatti kennatan teessoo Isaa irra taa'anii mootummaa Isaa is ulfina qabeessa Isaa wajjin hirmaachuuf jiru.

Oo, yeroo kanatti hundi keenya jecha tokko qabna. Innis jabeessii qabadhu—itti cichi kan jedhu dha. Abdii hin kutatinaa. Meeshaa lolaa Waaqayyoo guutuutti hidhadhaa—meeshaa lolaa Inni nuuf kenne hundumaatti dhimma ba'aa—kennaa isin harka jiru hundumaatti dhimma ba'aa gara fuulduraa ilaalaa, sababiin isaas Isaan, Mootii Moototaa, Gooftaa Gooftotaatiin moosifamuuf jirra waan ta'eef.

Amma Inni gonfoo isaaniif kenna qofa osoo hin ta'in, warri misirroo keessatti hammataman utubaa mana qulqullummaa Waaqayyoo ta'u jedha. Garuu manni qulqullummaa Waaqayyoo maali? Yesuus dhagni Isaa mana qulqullummaa akka ta'e dubbateera. Akkas ture. Inni Mana Qulqullummaa Waaqayyoo ture. Amma garuu dhagni Isaa nuyi, waldaan dhugaa mana qulqullummaa Waaqayyoo ti, Hafuurri Qulqulluu nu keessa waan jiruuf nuyi dhagna Isaa ti. Egaa Inni nama mo'u mana qulqullummichaa keessatti utubaa gochuuf jira. Garuu utubaa maali? Utubaan qaama hundee ta'ee caasaa mana tokkoo guutummaatti utubee kan qabudha. Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u, sun immoo nama mo'u ergamootaa fi raajotaa wajjin ramada; Efesoon 2:19-22tti akkas jedha waan ta'eef,

*“Egaa isin si'achi warra Waaqayyoof qulqulla'anii wajjin warra biyyaa, warra mana*

*Waaqayyootis malee, orma, nama biyya diidaas miti.*

*Isin hundee ergamootaa fi raajotaa irratti ijaaramtaniittu, Kristos Yesus immoo ofii isaatii dhagaa golee qajeelchu dha.*

*Guutummaan ijaarsa sanaa isumaan walitti qabamee, mana qulqullummaa Waaqayyoo ta'uudhaaf gooftaatti in guddata.*

*Isinis immoo isumaan mana isa Waaqayyo hafuura isaatiin keessa jiraatu taatanii itti ijaaramuu keessan."*

Eeyyee, lakkoofsi 22 isaanumaa wajjin manichatti akka ijaaramne dubbata. Wanti BALBALICHA (Yesus) keessa darbe hunduu bu'aa dhagnichaa ykn bu'aa mana qulqullummichaa ti. Amma Waaqayyo yummuu nama tokko utubaa mana qulqullummaa godhee, qaama garee hundichaas yummuu godhu maal gochaa jira? Mul'ata Sagalichaa fi mul'ata Ofii Isaa isaaf kennaa jira, sababiin isaas ergamoonnii fi raajonni mul'atuma kan qabu turan waan ta'eef. Maatewos 16:17. Egaa inni Sagalicha keessa jira. Inni achi jira. Eenu illee gadi isa baasuu hin danda'u.

Mee jecha, "mo'uu" jedhu xiinxalaa. Yohaannis,"Namni mo'u eenyu ree?" jedhee gaafata, ittuma aansees, "Nama mo'u isa Yesuus kun Kiristoos yookiis Masiihicha ta'uu Isaa amanu dha" jedhee deebisa. Nama Yesuus 'A' fi Kiristoos 'A'tti amanu hin jenne, nama Yesuus kun KIRISTOOS TA'UU Isaatti amanu jedhe malee—qaama yookiis dhagna TOKKO—lama miti. Innis nama Maqaa Gooftaa Yesuusitti cuuphame dha.

Waaqayyo asitti waa'ee misirrottii dubbachaa jira. Suraa ishee kan biraa arguu barbaadduu?

Surraan ishee achi ce'ee Mul'ata 7:4-17 keessatti argama,

*"Lakkoofsa warra mallateeffamaniis nan dhaga'e;gosa ijoollee Israa'el hundumaa keessaa kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii afurtu mallateeffame.*

*Gosa Yihudaa keessaa kuma kudha lamatu mallateeffame; Gosa Ruuben keessaa kumni kudha lama, gosa Gaadi keessaa kumni kudha lama,*

*Gosa Asheer keessaa kumni kudha lama, gosa Niftaalem keessaa kumni kudha lama, gosa Minaasee keessaa kumni kudha lama,*

*Gosa Shimi'oon keessaa kumni kudha lama, gosa Lewwii keessaa kumni kudha lama, gosa Yisaakor keessaa kumni kudha lama.*

*Gosa Zebuloon keessaa kumni kudha lama, gosa Yoseef keessaa kumni kudha lama, gosa Beniyaamin keessaa kumni kudha lama ni mallateeffamana.*

*Kana booddees ilaaleen tuuta sonaan baay'ee, saba hundumaa keessaa, gosa hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa afaan dubbatamu hundumaa keessaa dhufan, warra homtinuu lakkaa'uu hin dandeenye nan arge; isaan uffata adii uffatanii, damee muka meexxii harka isaaniitti qabatanii teessicha dura hoolicha duras in dhaabatu turan.*

*Jarri kunis sagalee guddaadhaan, "fayyinni Waaqayyo keenya isa teessicha irra taa'u biraa; hoolicha biraas in argama! jedhan.*

*Ergamoonni teessicha, maanguddoota, uumama lubbuu qaban arfanis naanna'anii dhaabatan hundinuu teessicha duratti adda isaaniitiin gombifamanii Waaqayyoof in sagadan.*

*Sagada isaanii keessattis, "Ameen! Waaqayyo keenyaaf hooqubaan, guddinni, ogummaan, galanni, ulfinni, humni, aangoonis baraa hamma bara baraatti haa ta'u! Ameen!" jedhan.*

*Ergasii maanguddoota keessaa inni tokko, "Warri uffata adii uffatan kun eenyu fa'i, eessaa dhufanis?" jedhee na gaafate.*

*Ani immoo, "Gooftaa ko, situ "beeka!" jedheen deebiseef. Inni immoo, "Isaan kun, warra rakkina guddaa keessaa ba'anii dhufanii dha; uffata isaanii dhiiga hoolichaatiin miiccatanii addeeffataniiru.*

*Kanaaf isaan teessoo Waaqayyoo duratti argamanii, halkanii fi guyyaa mana qulqullummaa isaa keessatti isaaf in hojjetu; inni teessoo irra taa'us godoo isaa diriirsee isaan irra in jiraata.*

*Egaa deebi'anii hin beela'an, hin dheebotanis; aduun, wanti gubus isaanitti hin bu'u.*

*Hoolichi teessicha dura gara gidduu jiruus isaan in tiksa, gara burqaa bishaan jireenya*

*kennuuttis isaan in geessa; Waaqayyos imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa" anaan jedhe."*

Asitti Yesus dhufeera. Warra 144000ttis mallattoo godheera. Inni gosa Israa'el hundumaa keessaa namoota 12000 fudhate. Garuu gareen biraa warri 144000 keessatti hin hammatamin kanneen lakkoofsa 9-18 keessatti mul'atan jiru. Isaan kun eenyu fa'i? Isaan kun misirrottii saba warra Saba Israa'eel Hin Jedhamin irraa argamanii ti. Isaan kun halkanis guyyaas teessoo Isaa dura jiraatu. Isaan mana qulqullummaa keessatti Isa tajaajilu. Isaan Gooftaa biraa kunuunsa addaa argatu. Isaan misirroo Isaa ti.

Misirroon iddoo Dhirsi Misirroo dhaqu hundumaa dhaqxi. Inni gonkumaa gadi ishee hin dhiisu. Isheen gobkumaa bukkee Isaatii hin dhabamtu. Isheen teessoo mootummaa Isaa wajjin qooddatti. Isheen ulfinaa fi kabaja Isaatiin in gonfamti.

*"Maqaa Waaqayyo kootii, maqaa mandara Waaqayyo kootiis isa irratti nan caafa."*

Maqaan Waaqayyoo eenyu? Ba'eessa, Inni Waaqayyo nuu wajjin jira yookiis Amaanu'eel jedhame, garuu sun maqaa Isaaf moggaafame miti. "Ati maqaa isaa Yesus jettee in moggaafta" isheedhaan jedhe. Yesuus immoo, "Ani Maqaa Abbaa Kootiinan dhufe, isin garuu Ana hin simanne" isaaniin jedhe. Kanaaf Maqaan Waaqayyoo YESUuSI dha, Maqaa Inni ittiin dhufe Isa waan ta'eef. Inn GOOFTAA YESUUS KRISTOSI. Dubartiin tokko yummuu heerumtu maqaa maalii fudhatti? Maqaa dhirsa ishee fudhatti.

Yeroo Inni misirrottii Ofiitti fudhatutti Maqaan Isaa isheedhaaf in kennama.

Mul'ata 21:1-4,

*"Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu.*

*Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheen haaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsa isheetiif, kuulamteetti, qophooftee utuu gad buutuu nan arge.*

*Yommus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis teessoo sana biraa, "Kunoo, iddoon Waaqayyo buufatu namoota gidduu dha, innis isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru; Waaqayyo ofii isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira, Waaqayyo isaaniis ta'uuf jira.*

*Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe.*

Baay'ee dinqii dha. Asitti abdiin Waaqayyoo inni dinqisiisaan hundi raawwatameera. Hunduu ni xumurama. Jijjiiramichi ni xumurama. Hoolichii fi misirroon Isaa fiixa ba'iinsa Waaqayyoo hundumaa keessa bara baraan in jiraatu. Tokko tokkoon tarreessii ibsii? Eenyutu kana ibsuu danda'a? Eenyu illee hin danda'u. Waa'ee isaa itti yaadii? Waa'ee isaa abjoodhuu? Waan Sagalichi waa'ee isaatiif jedhu dubbisii? Eeyyee sana hundumaa gochuu ni dandeenya, ta'us garuu hamma inni du'aa ka'uu isa jalqabaa keessatti gara wanta dhugaatti dhufutti, waa'ee isaa isa lakkaa'amee bira hin ga'amne (infinitesimal) keessaa qaama cittuu xiqqoo tokko qofa beekuu dandeenya.

*"Maqaa koo isa HAARAAS isa irratti nan caafa."*

Maqaa Koo isa Haaraa. Yummuu wanti HUNDUU haaraa ta'utti, ergasii Maqaa haaraa tokko Ofitti in moggaasa, Maqichis akkasuma Maqaa misirrottii in ta'a. Maalummaa Maqichaa akka waan beekuutti tilmaamuuf, eenyullee ija hin jabaatu. Isa haaluuf namni ija jabaachuu utuu in danda'a ta'ee, silaa Hafuurri Qulqulluu mul'ata ifaa ta'e akkasii hin kennu ture. Yeroo Maqicha ifatti baauu barbaadutti garuu mul'ata sana gadi dhiisuun Isaa shakkii hin qabu. Maqichi wanta nuyi in ta'a jennee yaadnuun olitti baay'ee waan nama gammachiisu ta'uuf akka jiru beekuun ga'aa dha.

**Akeekkachiisa Xumuraa Barichatti ergame**

Mul'ata 3:13,

*"Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u!"*

Barri hundinuu akeekkachiisa wal fakkaatuun xumurama. Waldoonni Kiristaanaa sagalee Gooftaa akka dhaggeeffataniif akkeekkachiisa dhaabbataa yeroo hundumaatti isaanitti ergamu dha. Bara kana keessatti akeekkachiisi bara duraanii caalaa daran cimaa dha, barri kun bara dhufaatiin Gooftaa dhugaatti as dhi'aachaa jiru waan ta'eef. Tarii gaaffiin ka'uu malu, "Barri bara kanatti aanee dhufu erga jiraatee akkas ariifachuun maaliif barbaachise ree?" kan jedhu dha. Deebiin isaas as keessatti kufa. Barri dhumaa bara baay'ee gabaabaa ta'a—hojii saffisaan xumuramuu ta'a. Kanatu akkas ta'a qofas miti, ija Waaqayyo duratti yeroon wanta baay'ee gabaabduu taate akka ta'e namni yeroo hundumaa yaadachuu qaba malee; eeyyee, waggoonni kumi tokko guyyaa tokko. Akka ilaalcha sa'aatii Isaatti sa'aatii muraasa keessatti dhufaa jira erga ta'ee, Inni dhuguma ariitii hundumaan nu akeekkachiisuu qaba dhufaatii sanaaf

akka qophoofnuufis sagaleen Isaa utuu wal irraa hin citin garaa keenyatti dhaga'amuu qaba.

Oo, biyya lafaa keessa sagalee baay'eetu jira—rakkoo baay'eetu xiyyeeffannoo barbaacha iyyaa jira; garuu sagaleen akka sagalee Hafuura Qulqulluutti baay'ee barbaachisaa ta'e, xiyyeeffannaa guddaan maluufis gonkumaa hin jiru. Kanaafuu, "Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u!"

MESSAGE hub online

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin

"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7